# QAACCESSA SIRNA KENNAA ABDAARII OROMOO GODINA SHAWAA KIBBA LIXAA AANAA TOLEE

**KABBADAA MANGASHAA AYYAANAA**

**YUUNIVERSTII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOOAFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**
**FINFINNEE**

# QAACCESSA SIRNA KENNAA ABDAARII OROMOO GODINA SHAWAA KIBBA LIXAA AANAA TOLEE

**KABBADAA MANGASHAA AYYAANAA**

**GORSAAN: MULUGEETAA NAGAASAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVERSTII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII**
**MUUMMEE AFAANOROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**
**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa Digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf, Kabbadaa Mangashaa mataduree: "*Qaaccessa Sirna Kennaa Abdaarii Oromoo Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Tolee*" sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'e guutera.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa ______________________ Mallattoo __________Guyyaa ________

Qoraa keessaa ___________________ Mallattoo __________Guyyaa ________

Gorsaa ________________________ Mallattoo ___________Guyyaa _______

______________________________________________________________________

Itti gaafatamaa muummee yookaan Qindeessaa Digirii Lammaffaa (MA)

**Ibsa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta’uusaafi wabiileee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: ________________________________________

Mallattoo ______________________________________

Guyyaa _______________________________________

Ani Dr________________________________________barataan kun hojiin isaa of ittisuuf dhiyaachuu danda’uu isaa mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa______________________________

Mallattoo____________________________

Guyyaa_____________________________

***Axeereraa***

*Qorannoon kun mata dure 'Qaacceessa sirna kennaa abdaarii Oromoo Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Toleedha". Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan sirna kennaa abdaarii Oromoo Gonina Shawaa Kibba Lixaa Anaa Tolee qaaccessuudha. Qorannoo kana gaggeessuuf wantoonni qorataa kana kakaasan sababa gara garaan irrachaa ykn laafaa deemuu sirna kennaa abdaariiti.Kana bu'uura godhachuudhaan daangaa qorannoo kanaa sirna kennaa abdaarii oromoo Godina Shawaa kibba Lixaa Aanaa Tolee irratti xiyyeeffata.Haaluma kanaan,Yaaxina qorannoo kana gabbisa jedhe qorataan itti amane yaaxina haalawaa gargaarameera. Gama kanaan qorannoo walfakkiifi Yaadrimeen hayyootaa dhimma aadaa duudhaa hawaasaa waliin walitti dhufeenya qabanis ilaalameera.Madda ragaawwan qorannoo kanaaf ta'us,kan qindaa'e hawaasa keessatti odefkennitoota waa'ee sirna kennaa abdaarii beekan irraa odeeffannoo funaanuun mala iddateessuu miti-carraa, akkayyoo ykn kaayyoo fayyadamuun mala qorannoo akkamtaa (qualitative) dhimma baheera. Ragaan qorannoo kanaaf oolu guurrachuufis, daawwannaa, afgaaffiifi sakatta'a dookimeentii gargaaramee jira. Ragaalee meeshaalee kanneeniin funaanaman qaacceeffamanii jiru Akkasumas, adeemsa sirna kennaa abdaarii, hirmaattota sirnichaa, yoomeessa sirnichaa,hiika fakkoommiiwwan hawaasa Aanaa Tolee biratti qabuufi firiiwwan fookloorii sirnicha irraatti maal akka fakkaatan kan ka'ameedha.Argannoon qorannoo kanaas, Sirni kennaa abdaarii uummata Oromoo Aanaa Tolee biratti yeroofi safuu eegee raawwatamuu,Hirmaattoonni sirna kennaa abdaarii akka Aanaa Toleetti saalaafi umurii kan hin daangeessine ta'u isaa, Fakkoommii meeshaalee sirna kennaa abdaarii keessatti fayyadaniifi haala itti qophaa'an adda ba'ee hubatamuu isaa argameera. Haaluma kanaan sirni duudhaa hawaasa kun adeemsa isaafi bifa barreeffamaafi viidiyoon waraabamee dhalootta dhufuuf osoo olka'amee sirnichi akka hin hirranfatamneef gargaara. Walumaa galatti, qorannoo kana keessatti yaada furmaataa ta'a jedhamee kan ka'ame,Hayyoonni dhimma aadaa hawaasaa qoratan, gaggeessitoonni biiroo aadaafi turizimii, abbootiin amantaafi namoonni dhimma duudhaa hawaasaa irratti qorannoo gaggeessan hundi sirna kenna abdaarii duudhaa isaa waliin walqabatan xiyyeeffannoon itti kennamee bifa barreeffamaafi waraabbiin ka'amuu qaba.*

## Baafata

**Qbiyyee** **Fuula**

Axeereraa ........ i
Baafata ........ ii
Baafata Gabateewwanii ........ vi
Baafata Fakkiiwwanii ........ vi
Galata ........ vii
Hiika Jechootaa ........ viii
BOQONNAATOKKO: SEENSA
1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa ........ 3
1.3 Kaayyoo Qorannichaa ........ 4
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........ 4
1.3.2 Kaayyoo Gooree ........ 4
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 4
1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 5
1.6 Hanqina Qorannichaa ........ 5
1.7 Haala Naannoo Qorannichaafi Mala Jireenya Uummatichaa ........ 6
1.7.1 Haala Naannichaa ........ 6
1.7.2. Moggaasa Aanaa Tolee ........ 6
1.7.3. Baay’ina Uummata Aanaa Tolee ........ 6
1.7.4. Diinagdee Uummata Aanaa Tolee ........ 7
1.7.5. Gosoota Fuudhaafi Heerumaa Aanaa Tolee ........ 7
1.8. Caasaa Hidda Dhaloota Oromoo Tuulamaa ........ 8
1.9. Bu’uuraalee Misooma Aanaa Tolee ........ 9
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU
2.1 Yaadrimee Fookiloorii ........ 11
2.1.1 Akaakuwwan Gurguddoo Fookiloorii ........ 13
2.1.1.1. Afoola ........ 13
2.1.1.2. Meeshaa Aadaa ........ 14
2.1.1.3. Aartii Sochii Qaamaa ........ 14

2.1.1.4. Duudhaa Hawaasaa .... 14
2.1.2 .Faayidaa Fookiloorii .... 16
2.1.2.1. Miliquu (To Scape) .... 16
2.1.2.2. Cimsuuf (Validetes Culture) .... 16
2.1.2.3. Dhorkuuf .... 16
2.1.2.4. Barsiisuuf .... 17
2.1.3 Barsiifata Hawaasaa (social folk custom) .... 18
2.1.3.1 Jila .... 18
2.1.4. Sirna Raawwii Ayyaaneeffannaa .... 18
2.1.5. Ayyaana .... 19
2.1.6. Safuu .... 20
2.1.7. Maalummaa Abdaarii .... 20
2.1.8 Jaarii Waaqaa .... 22
2.2 Yaaxxinaalee Qorannoo Kun Bu'ureeffate .... 22
2.2.1. Yaaxina Haalawaa Fookiloorii .... 22
2.3. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii .... 23
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA
3.1. Saxaxa Qorannichaa .... 25
3.2. Irraawwatama Qorannichaa .... 25
3.3. Mala Iddattoo .... 26
3.4. Malleen Funaansa Ragaalee .... 26
3.4.1. Daawwannaa .... 27
3.4.2. Afgaaffii .... 28
3.4.3. Sakatta'a Dokumeentii (Galmee) .... 29
3.5. Naamusa Qorannichaa .... 30
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA ODEEFFANNOO
4.1. Faayidaa Abdaarii .... 32
4.2. Yoomeessa Sirna Raawwii kennaa Abdaarii .... 33
4.3. Hirmaattoota Jila yookiin Sirna kennaa Abdaarii .... 35
4.4. Gosoota Soorataafi Dhugaatii Yeroo Sirna kennaa Abdaariirratti Dhiyaatan .... 35
4.4.1. Marqaa .... 35

4.4.2. Dhadhaa ........ 36
4.4.3. Qiincee ........ 36
4.4.4. Foon ........ 36
4.4.5. Nuugii ........ 37
4.4.6. Buna ........ 37
4.4.7. Farsoo ........ 37
4.4.8. Damma ........ 37
4.5. Meeshaalee Sirna Kanarratti Dhimma Itti Bahan ........ 38
4.5.1 Wandaboo ........ 38
4.5.2. Waciitii ........ 38
4.5.3. Gabatee ........ 38
4.6. Waanta Battala dhimma itti bahan ........ 38
4.7. Akaakuuwwan Fakkoommii ........ 39
4.7.1. Fakkoommii Abjuu ........ 39
4.7.2. Fakkoommii Aannan ........ 40
4.7.3. Fakkoommii Gingilchaa ........ 40
4.7.4. Fakkoommii Haalluu Gurraacha ........ 40
4.7.5. Fakkoommii Dhiiga ........ 41
4.7.6. Fakkoommii Muka Abdaarii ........ 41
4.7.7. Fakkoommii Callee ........ 41
4.8. Haala Raawwii Sirna Kennaa Abdaarii ........ 42
4.8.1. Eebba ........ 42
4.8.2. Eebba Ayyaana Abbaafi Haadhaa Yeroo S ........ 44
4.8.3. Eebba Hawwii Agarsiisan ........ 45
4.8.4. Eebba Nagaafi Qabeenyaa ........ 46
4.8.5. Eebba Uumamaa ittiin kadhatan ........ 47
4.8.6. Eebba Kadhaa Waaqaa ........ 48
4.9. Haala Qalma Sirnicharratti Gaggeeffamu ........ 49
4.10. Gahee Sirni Kennaa Abdaarii Mirga Dubartootaa Kabachiisuu Keessatti Qabu ........ 52
4.11. Sadarkaa Sirni Kennaa Abdaarii Amma Irra Jiru ........ 53

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

5.1 cuunfaa ........................................................................................................ 57

5.2 Argannoo ........................................................................................................ 57

5.3 Yaboo ........................................................................................................ 58

Wabii ........................................................................................................ 59

Dabalee -A

Dabalee -B

Dabalee C

Dabalee D

Dabalee E

Dabalee F

Dabalee G

**Baafata Gabateewwanii**

Gabatee 1. Karaa gabaabaa ta'een yoomessa sirna kennaa abdaarii qaacceeffameera .. 31
Gabatee 2 ffaa Cuunfaa Yoomeessa Sirna Kennaa Abdaarii .......................................... 54
Gabatee 3 Akaakuuwwan Fookloorrii haala gabaaban hiika isaanii waliin ibsu ............ 55
Gabatee 4 Maqaalee mallattooleefi hiika fakkoommiiwwanii ....................................... 56

**Baafata Fakkiiwwanii**

Fakkii 1 ffaa Kartaa Aanaa Tolee .......................................................................................... 10
Fakkii 2 ffaa kan callee agarsiisu. .......................................................................................... 42
Fakkii 3 ffaa yeroo sina kennaa abdaariitiif .......................................................................... 50
Figure 4 Fakki 4 ffaa Yeroo Sirna Abdaariif qopii taassan (12/3/2011) ................................. 50
Fakkii 5 ffaa yeroo abdaarii jalatti buna dhaabbatan kan ji'a Ebilaa ....................................... 51
Fakkii 6 ffaa Sirnna kennaa Abdaarii jalatti Buna dhaabbatan yeroo arfaaa (1/9/2011) ............ 51

## Galata

Kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga’uuf jalqabaa hanga xumuraatti humnaafi yeroo isaanii otoo hin qusatin gorsaafi yaada bilchaataa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Dr.Mulugeetaa Nagaasaaf galanni ani qabu guddaadha. Gorsa abbummaafi ogummaa isaan naaf gochaa turan milkaa’ina qorannoo kanaaf shoora olaana qaba. Umurii dheertuu Rabbi isiniif haa kennu.

Maatii koo yeroo ijoollummaa kootirraa hanga ammaa nawaliin kufaa ka’an abbaa koo obbo Mangashaa Ayyaanaafi haadha koo aadde Dassaatuu Dabalaa, obboleessa koo Dassaaleny Mangashaafi barsiisota mana barumsaa jijjigaa koraa hundaa yaadaan nagargaaruu keessaniif galatoomaa.

Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Tolee keessaa hojii qorannoo kanaatiif odeeffannoo hanga danda’an kan naaf kennan obbo Malkaamuu Daamxoofi Fayyisaa Dhaabiifi manguddoota aanaaTolee hedduun galateeffadha.

Kaameraa waraabbiin kan nagargaaran daandii fagoo na waliin deemuudhan osoo hin nuffiin gargaarsa kan naaf taasisan hiriyoota koo barsiisaa Abdiisaa Warqinaa, Abbabaa Bayyanaafi Mallasee Hayilee hedduun galateeffadha. Akkasumas, yeroo hunda gorsaan kan nabiraa hin fagaanne haadha manaa koo barsiiftuu Mitikkee Amanuuf galanni koo guddadha.

## Hiika Jechootaa

Abbaa hiyyeessaa…………………………kan hiyeessa gargaaru waaqa uumaa

Akkayyoo………………………………… Mala iddatteessuu miti-carraa ta'ee kan qorataan Iddattoon filatan

Alamii………………………………………Gammachuu

Arjaa ………………………………………Gara-laafessa

Awwaara…………………………………….Dhukkee

Damboobummaa………………………… .Garaa laafuu, namaa nahuu

Dheekkamsa Waaqaa………………………Bakakkaa

Duuniyaa…………………………………… jireenya lafarraa

Fakkoommii…………………………………Dhimmoota aadaa murtaawaa keessatti waan tokkotti fakkeeffaman

Kabajannaa …………………………………..Adeemsa sirni itti kabajamu

Odimtoota……………………………………..Namoota ragaa qorannootiif barbaachisu kennuuf

Qoollo…………………………………………ciicoo

Suursagalee-…………………..…………. Meeshaa suuraafi sagaleen odeeffannoo ittiin walitti qaban

Ruuda…………………………………………manyee waaqaa, kan biiftuu,baatiifi urjii

# BOQONNAATOKKO: SEENSA

Boqonnaa kana jalatti seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi haala jireenya hawaasichaatu dhiyaata.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Ilmi namaa addunyaa kana irratti erga jiraachu jalqabe waan uumaafi uumamaa dinqisiifata. Akkaataan dinqisiifannaa isaa kun safuu hawaasaafi uumaa osoo hin jeeqiin dhalootaa dhalootatti darbaa jira. Haaluma kanaan, dhalli namaa lafa kanarratti erga uumamee booda aadaafi amantaa isaa dagaagfachaafi kabajachaa labataa labatatti dabarsaa tureera; Dabarsaas jira. Uummanni Oromoos aadaa bal'aafi amantaa isaa akkuma saboota biroo qaba. Fookiloorii keessaa sirni kennaa adbaarii duudhaafi amantaa baatee dhalootaa dhalootatti barreeffama tokko malee kan dabarsuudha. Kanaaf, fookilooriin faayidaa bal'aa qabu keessaa dhugeeffannoo hawaasa tokkootiif madda ragaaa ta'ee tajaajila jechuun ni danda'ama.
Oromoon uummata guddaa lafa (daangaa) bal'aa irra qubatee jiru, seenaafi aadaa guddaa akkasumas, amantii mataa isaa qabudha. Yaada kana Alamaayyoon (2007:19) yoo ibsu, "Oromoon saboota kuush keessaa isa bal'aafi uummata qabiyyee lafa guddaa irra dagaagee jiraatu. Haaluma bal'inaafi guddina uummataan, Oromoon gosoota (damee) hedduu qaba. Isaanis, Tuulama, Macca, Arsii, Gujii, Boorana, Itu, Humbana, Raayyaa, Yejjuu, Liiban jedhamu. Sabni Oromoo afaanota damee kuush keessaa Afaan Oromoo kan dubbatu yommuu ta'u, hawaasichi afaan, aadaa, amantiifi duudhaa isaa kana akka mallattoo eenyummaa isaatti ilaala.

Aadaan yaadrimee bal'aa kan ofkeessatti hammatu yommuu ta'u, haala jiruufi jireenya hawaasaafi gochaalee hawaasni guyyaa guyyaatti raawwatu kan calaqqisiisuudha. Aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti. Eenyummaan saba tokko saba biroo irraa kan ittiin adda bahu aadaa isaatin. Aadaan kunis haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ibsudha. Aadaan namni miseensa hawaasaa ta'e haala jiruufi jireenya isaa keessatti kan qabaatu, kan akka amantii waaqa uumasaa ittiin kadhatu, beekumsa, seera, raawwiifi muuxannoo kan qabuudha. Hawaasni kamiyyuu duudhaa mataa isaa danda'e qaba jechuudha. Uummanni kamiyyuu durii kaasee wantoota bu'ura eenyummaa isaa calaqqisiisu kan dhalootaa-dhalootatti dabarsaa dhufe ni qabaata. Kun immoo beekumsa hawaasni daangaa tokko keessa jiraatu waliin gabbifate, muuxannoon waliin qaban akka jiru agarsiisa. Dhimmoonni akka kanaas fookiloorii jalatti fiduun

yoo qorataman caalatti bu'a qabeessa ta'a. Haala kanaan fookilooriin Oromoo eenyummaa, aadaa, duudhaa, qaroomina, falaasama, amantii, ogumafi kkf. waan ibsuuf akka qabeenya guddaatti ilaallama. Yaada kana deggeruun Maangashaan (1992:11-12) akka jedhetti "The Oromo folklore oral tradition, music, art and particularly proverbs and sayings has given this notion a sense of identity and common heritage. It becomes the way they see, understand, interpret the World and express their belief and values about it." Fookilooriin Oromoo akka yaada kanaatti, miira eenyummaafi beekumsa waliin qaban calaqqisiisa. Kanamalees, ilaalcha hawaasaa akkaataa hawaasichi addunyaa itti hubatuufi hiika itti kennu, amantiifi sona waliin qaban itti ibsatan mara ofkeessatti hammata. Akkasumas, fookilooriin wantoota afaanin darban muuziqaa, oguma keessattuu mammaaksifi jechamoonni yaada miira eenyummaafi ambaa seenaa hawaasichaa ta'uu agarsiisa. Duudhaa hawaasaa ilaalchisee immoo Malaaknaa (2006:8) "Social folk custom is a group interpretation observances, birth,rituals, initiations,marriage and burial ceremonies, secular and religious festivals. "Akka yaada kanaatti fooklooriin duudhaa hawaasaa walitti dhufeenya garee hawaasaa, kabaja sirna abdaarii,kabaja guyyaa dhalootaa, sirna raawwii gaa'elaa, raawwii sirna awwaalchaa, kabaja guyyoota amantiifi mit-amantii sirnaan raawwataman ofkeessatti hammata.

Dorson (1972:3-4) akka ibsetti, immoo duudhaan hawaasaa kan gareen hawaasaa (miseensi hawaasichaa) amantaa, kabaja abdaarii, guyyoota ayyaanaa, oomisha oomishuu, da'umsa, gaa'ela (fuudhafi heeruma), du'aafi kkf. haala itti raawwataman hammata. Adeemsa sirna raawwii duudhaa hawaasaa keessatti wantoota xiinxalamuu qaban keessaa inni tokko fakkoommiwwani dha. Uummatni Oromoo ammoo gareewwan hawaasaa fookiloorii qaban keessaa isa tokkoodha. Uummatni Oromoo uummatoota Itoophiyaa keessaa kan aadaa, seenaa, amantifi dhugeeffannoo mataa isaa qabu keessaa isa tokkoodha. Kanaaf, akka falaasama Oromootti, amantaa isaa keessatti dhugeeffannoo ittiin jiruufi humna waaqaa akkasumas raajii isaa dhalootaafi iccitii jireenyaa walitti fiduun kan ibsatuudha. Kun ammoo garee fookiloorii uummatichaa keessaa isa tokkoodha. Akka uummanni Oromoo amanutti waaqaafi nama kan walqunnamsiisu ayyaantuudha. Yaada kanarratti, akka Imaanaan (2007) Mulugeetaa (1999:164) wabeeffachuun ibsetti, Amantaa Oromoo waaqeffannaa keessatti Ayyaanni ergamaa Waaqaati. Waaqafi nama kan walitti fiduudha. Rakkoo jirus akka hiikkatu jiddu deemti raawwata jedhaniiti amanama jedha.

Akka yaada olitti tuqamerraa hubachuun danda'amutti ayyaanni waaqafi nama gidduu dhaabbatee kan tajaajiluudha. Namaafis faloo kan kennuudha. Kanumatti dabaluun akka hayyuun Warkineh (2001:27) waa'ee ayyaanaa ibsutti,

> 'Oromo traditional religion teaches that there are many saints like divinities called ayana each as manifestation of the one waaqa. Ayana is believed to be the angle of waaqa. Ayana is created by waaqa and does not creat anything. Ayana can only communicate the problem created by waaqa and does not creat anything. Ayana can only communicate the problem of humans to waaqa'.

Akka yaada kanaatti, akka amantii aadaa Oromootti ergamaa waaqaa ayyaana kan uume waaqa yoo ta'u, karaa namni rakkoo ofii waaqaan gahatuudha. Akka seenaan ibsutti hawaasni waan baay'ee uumuu yookiin kalaquu, shaakaluu, walbulchaa jireenya isaanii gaggeessaa deemu. Uummanni Oromoos akkuma kanatti jireenya isaa gaggeeffata. Uummanni Oromoo aadaa hedduu siyaasaafi amantaa keessatti kalaquun gaggeeffata. Isaan keessaa muraasni: Sirna Gadaa, jaarsummaa, qaalluu, sirna kennaa adbaariifi kan biroo fa'a. Qorannoo kunis kan fuulleffate, Qaaccessa Adeemsa Sirna kennaa Adbaarii Oromoo Godina Shawaa Kibba lixaa Aanaa Tolee irratti kan xiyyeeffateedha.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Uummanni Oromoo Aanaa Tolee saboota bara dheeraaf gaanfa Afrikaa keessa jiraachaa turan keessaa tokko ta'uu seenduuba keessatti ilaaluuf yaaleera. Haluma kanaan, jiruufi jireenya isaa keessatti aadaa, afaan, amantii, sirna bulchiinsa mataa isaa kan qabudha.

Qorannoo tokko gaggeessuuf sababoonni nama kakaasan jiraachu qabu. Kanaafuu,Qorannoo kana adeemsisuuf sababii kan ta'an sirnni kennaa abdaarii duudhaa, aadaafi barsiifata boonsaafi qabeenya hawaasaa kan ta'e kana keessa badaa waan jiruuf Inni jalqabaa kaka'umsa keessa kootiin kan ka'edha. Kana jechuun duudhaa sirna kennaa abdaarii yeroo ijoollummaa kiyya irraa kaasee sirnicha waanan argaa tureef , yeroo ammaa kana immoo duudhaan Oromoo kun laafaa waan dhufeef ,namoonni kun nama akka gowwoomsuuf yookiin karaa ittiin nyaatan argachuuf kan taasisan moo dhuguma nama fayyadaa jiraa? Isa jedhu addaan baafachuuf kan ta'edha. Kanumaan walqabatee, duudha lafa kanarraa dhabamuuf jiru kana faayidaa isaa beekuun hawaasni kunuunsee akka qabatuuf kan keessa koo na kakaasedha. Inni lammataa immoo qorannoon kanaan dura mata-duree isaa wajjin kan walfakkaatu kan hojjetamnee waan hin

argineef. Sirni kennaa abdaarii duudhaa (barsiifata) hawaasaa keessaa isa tokkodha. Haa ta'u malee, yeroo ammaa kana haala duriin babal'atee kan jiruu miti. Kanaafuu, dhimma sirna kennaa abdaarii irratti qorannoo gaggeessuun barbaachisaa ta'e waan mul'ateefi. Yeroo amma kana immoo duudhaan uummata kanaa maal akka fakkaatufi sadarkaa maalirra akka jiru, kana malees gara fuulduraatti dhaloonni dhufu duudhaa, aadaafi amantii isaa akka hin daganneef bu'ura kaa'uuf kan qoratamedha. Gabaabummatti, Qaaccessa Sirna kennaa abdaarii Oromoo Godina Shawaa Kibba lixaa Aanaa Tolee irratti ka'uuf gaaffilee bu'uraa armaan gadii xiyyeeffannoo argachuun furmaani kaa'ameera.

- Adeemsi sirna kennaa Abdaarii maal fakkaata?
- kabajni sirna kennaa Abdaarii kun yoomeessiifi firriiwwan fookloorii sirnichaa maal?
- Gaheen uffannaafi haalluun isaa fakkoommii sirna Kennaa Abdaarii wajjin ilaalcha Oromoon (Oromo world view) wal simsiisuu keessaatti qabu maali?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa sirna kennaa Abdaarii Oromoo Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Tolee qaacceessuudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa akka armaan gadii ta'a:

- ➢ Yoomeessa sirna kennaa abdaarii aanaa tolee ibsuu.
- ➢ Hirmaattota jiila sirna kennaa abdaarii eenyu faa akka ta'e ibsuu.
- ➢ Uffannaafi haalluu sirna Kennaa Abdaarii ilaalcha Oromoo (Oromo world view) wajjin walsimsiisuun ibsuu.
- ➢ Adeemsi sirna kennaa Abdaarii ibsuu .
- ➢ Fakkoommiiwwan jila kennaa abdaarii ibsuu.

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun kabaja sirna kennaa abdaarii qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Firiin qorannoo kanarraa argamus sirna kabaja kennaa abdaarii kan ibsaudha.. Kana malees, barbaachisummaan qorannoo kanaa:

- Walitti dhufeenya sirna kennaa abdaarii Uummata Aanaa Tolee keessa jiraatan akka cimu gochuu danda'a.
- Hawaasni aadaasaa akka kunuunfatuufi tursiifatu hubannoo kennuu danda'a.
- Qorattoota amantii, aadaa, duudhaafi safuu irratti qorannoo gaggeessuu fedhaniif bu'aa buusuun akka madda ragaa lammaffaatti tajaajiluu danda'a.
- Dhiibbaa gama adda addaan duudhaa Oromoo irratti dhufan mala ittiin ittisuu danda'amu eera.

### 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan xiyyeeffatu Qaaccessa Adeemsa Sirna kennaa abdaarii Oromoo Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Tolee irratti. Akkasumas, qorannoon kun osoo guutuu Oromiyaa keessatti gaggeeffame bu'aa olaanaa fida ture. Kana adeemsisuuf immoo, humna namaa, yeroofi baasii guddaa waan gaafatuuf ulfataadha. Kanaafuu, qorannoon kun Godina Shawaa kibba Lixaa Aanaa Tolee keessaa sirna kennaa abdaarii Oromoo qofarratti xiyyeeffata. Mata duree kana jalattis Aanaa kana keessatti sirni kennaa abdaarii maal akka fakkaatu, hirmaattonni sirna kennaa abdaarii eenyufaa akka ta'an adda baasuu, kabaja sirna kennaa abdaarii kabajuuf wantoota barbaachisan adda baasuu, barbaachisummaa sirna kabaja sirna kennaa abdaarii adeessuu, fakkoommiiwwaniifi firiiwwan fookloorii sirni kabaja kennaa abdaarii qaacceessuufi gahee kennaa abdaarii gama waaqa isaanii kadhachuun akka qajeeluuf bu'aa inni buusu keeessatti qabu tokko tokkoon kaasee ibsameera.

### 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun yeroo gaggeeffamu hanqinaalee garagaraatu muudate jira. Adeemsa kana keessatti wantoonni akka hanqinaatti mul'atan muraasni jiru. Inni tokkoffaan, namoonni dhimma kana beekan hedduun isaanii amantaalee garagaraan waan liqiffamaniif qixa sirriin odeeffannoo argachuu hin dandeenye. Haa ta'u malee, tattaaffii qorataan taasiseen namoota muraasa sirna kennaa abdaarii kana kabajan irraa odeeffannoon funaannamuun qorannoon kun galma gaheera. Inni lammaffaan, qorataan kun odkennitoota waliin beellama qabatee yeroo dubbisuuf deemutti rakkoolee adda addaa irraa kan ka'e osoo wal hin argiin hafuun baasiifi yeroon jalaa qisaasa'uu danda'eera. Qorataan gufuuwwan kana hunda keessa bahuun yeroo odkennitoota tasgabbiin bakka isaan beellamaniitti walitti kan qabate yoo ta'u, odkennitoota waliinis bilbilaan beellama irra deebiin qabachuun qorannoo kana gaggeessee jira.

### 1.7 Haala Naannoo Qorannichaafi Mala Jireenya Uummatichaa

#### 1.7.1 Haala Naannichaa

Aanaan qorannoon kun keessatti gaggeeffame kun godina Shawaa Kibba Lixaa keessa aanaalee jiran keessaa tokko yoo ta'u, akka odeeffannoon Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Tolee irraa argametti, Aanaan kun Godina Shawaa Kibba Lixaatti kan argamtu yoo taatu, Magaalaa guddittii biyyattii Finfinnee irraa Km.82 fi Magaalaa Guddittii Godinaa Walisoo irraa ammoo km.77 fagaattee kan argamtuudha. Argama daangaatiin, Bahaan Aanaa Qarsaa Maallimaa, Lixaan Aanaa Bachoo, Kibbaan Aanaa Sadan sooddoofi Qarsaa maallimaa, Kaabaan ammoo Aanaa Sabbataa Hawaasiin daangeffamti. Akkasumas, argama Astiroonoomiitiin Dalgee $8^0 28E^0$-$8^0 47E^0$fi Sarara gadee $38^0 17^0$N-$38^0 29$N irratti argamti.

#### 1.7.2. Moggaasa Aanaa Tolee

Moggaasa Aanaa Tolee kana ilaalchisee akka odeeffannoo qorataan argateetti, Aanaan Tolee maqaa Tolee jedhamu kana kan moggaaseef bulchaa sirna Gadaa (abbaa caaffee) kan ta'e Galatee Guutuutiin kan moggaafameedha. Galatee Guutuus maqaa kana moggaasuu kan danda'eef haalli teessumaa lafa Aanaa Toleefi haalli qileensa Aanaa Tolee jiruufi jireenya dhala namaafis ta'e beeladoota adda addaa horsiisuuf mijaawwa (tolaa) kan namatti toluuf moggaafame. Magaalli aanaa Tolee kan hundeeffamte bara 1928 A.L.H tti hudeeffamte. (Maddi : Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Toleeti 08/09/2008)

Bakkeewwan hawwata Turistii fi hambaalee seenaa Aanaan Tolee qabdu torbatu jira. Isaanis, Holqa Dhokaat, Abdaarii Tamsa'aa Gololee, Finca'aa Gadamsaa Dhokaat, Siidaa Dajjaazmaach Baalchaa Saafoo, Dhagaa Dhaabbii Baantuu Boodhaafi Dhagaa Dhaabbii Armuufoo Soolee fa'aa ,bakk hawwata turistiifi hambaalee seenaa Anaan Tolee qabduudha. Akkasumas, Aanaa Tolee laga guddicha 'Waatira' kan jedhamu kan qabdu ta'ee lageewwan xixiqqaa immoo kan laga waatiratti dabalaman kanneen akka, laga shonkoora, jijjigaa, qooceefi kkf kan qabdudha.

#### 1.7.3. Baay'ina Uummata Aanaa Tolee

Odeeffannoon lakkoofsa uummataafi manaa biyyoolessaa (1999) geggeeffame bu'ura godhachuun, baay'ina Uummata Aanaa Tolee haala armaan gadiitin dhiheessun danda'ameera. FDRE Population Cencus Commision Central Statistical Agency (2007:8) baay'inni uummata Aanaa Tolee baadiyyaa dhiira 40,525 dhalaa 23,400 walitti 63,925 ta'u. Baay'inni uummata Magaalaa immoo dhiira 13,990 dhalaa 9,000 walitti 22,990 ta'u. Baay'inni uummata aanichaa baadiyyaafi magaalan (Urban+Rural) dhiiraafi dhalaa 86,915 walitti akka ta'e odeeffannoo

manaafi uummataa biyyoolessaa bu'ureeffachuun istaatiksiin naannoo Oromiyaa ni addeessafi Waajjira Aadaafi Turizimii irraa argadheera.

### 1.7.4. Diinagdee Uummata Aanaa Tolee

Uummanni Aanaa Tolee caalmaan baadiyyaa kan jiraataniidha. Haalli qilleensa aanichaa Baddaa 25% fi Badda dareen 75% ta'anii jireenya lubbuu qabeeyyiifi oomisha midhaan gosa adda addaa kan qabduudha. Gosawwan midhaan Baddaatti margan; Baaqelaa, Atara, Garbuu, Qamadiifi midhaan gurgurtaa Talbaanillee kan marguudha. Midhaan Badda dareetti margan ammoo; Xaafii, Qamadii, baaqela, Boqqoolloo, Atarafi shunburaa kkf ni margu. Bal'inni lafa ishee 410.19km$^2$ ykn 41019 Hek dha. Olka'iinsi lafa ishee Sirrii galaanaatii olitti 2100M-3080M yoo ta'u, Roobni Aanaan tun waggaatti giddu galeessaan 1100m hanga 2100 dha. Teempireecharri Aanittii ammoo 15$^0$c-25$^0$tti tilmaama.

Gama horsiisa Beeyladaatiin ammoo, horii gaanfaa, kotte duudaa kanneen akka; Fardaa, Harree, Gaangeefaa kan qabdu taatee, bineensota bosonaas kanneen akka; Waraabessaa, Sardiidaa, qamalee, Kuruphee, Xaddee ni qabdi. Dabalataanis, Allaattiwwaan gosa adda addaa ni qabdi. Gama kaaniin ammoo Laggeen Bonaa Ganna yaa'an kanneen akka; laga Tajii, Waatiraa, Koocee, Tagabaa kan qabduufi Tulluu Daalattii, ciim'oofi Tulluu ilaala Leencaa ni qabdi. Bosona osoo kunuunfamee hawwata tuurizimiitiif ooluu danda'u; bosona Tajii, Bosona Wagiddiifi dhokaat kan qabduudha. (Maddi: odeeffannoo kanaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Tolee 08/09/2011 irraa argame.

### 1.7.5. Gosoota Fuudhaafi Heerumaa Aanaa Tolee

Akka obbo Angeessaa Kootuu gaafa guyyaa 25/7/2011 odeeffannoo qorataan irraa fudhateetti ,gosoota fuudhaafi heerumaa ilaalchisee aanaan Tolee keessatti gosa fuudhaafi heerumaa gosa afurtu jira. Isaanis: Kadhaa, Buttaa, Irradhaababafi Waliin deemuudha.

**Kadhaa:** akka aadaa aanaa kanaatti warri mucaa osoo warra mucayyootti jaarsa hin ergin sanyii hanga abbaa torbaatti qoratu. Erga qorannoo gaggeessanii booda jaarsa biyyaa warra intalaatti ergu. Erga warra mucayyoo gahanii booda, abbaan mucaa "Birmaduu si kadhaa birmaduu naa deechisi!" jedhee si'a sadii gaafata. Abbaan intalaas "Dahii" jedhee deebisaaf. Kana booda guyyaa cidhaa beellama qabachuun karaa seera qabeessan kaadhimachuun walfuudhu.

**Buttaa:** buttaan gosoota fuudhaafi heeruma aanaa kanaa keessaa tokko ta'ee kan warri dhiiraa humnaan shamara takka fudhatee galuudha. Buttaan karaa lamaan raawwachuu danda'a. Tokko dhiirri lama dubara takka yoo jaalatan butuu danda'u. Lammaffaan, warri mucaa kadhatee yoo warri intalaa didan buttaa gaggeessuu danda'a. haa ta'u malee gosti fuudhaafi heerumaa kun yeroo ammaa hafaa kan jiruudha.

**Irradhaaba:** Irradhaabni gosoota fuudhaafi heeruma aanaa kanaa keessaa tokko yoo ta'u,innis mucaan seera qabeessaan kadhatee guyyaan fudhaa yoo gahu gara warra mucayyoo deema. Haata'u malee sababa hin beekamneen mucayyoon heerumaaf qophoofte kun manaa yoo badde, Kallachi fuudhaaf manaa bahe kun harka duwwaa waan hin galleef Amaamoota kana keessaa wal heeruun mucayyoo biroo kadhatanii fudhatanii galuuf mana nama biraa deemuudha.


**Waliin deemuu:** sirni fuudhaafi heerumaa kun jaalala mucayyoofi mucaa irratti kan hundaa'u yoo ta'u, isaaniis fedhii walirraa qaban irraa kan ka'e kan waliin deemmataniidh.Gostifuudhaafi heerumaa kun waggoota muraasaan dura kan barameedha

### 1.8. Caasaa Hidda Dhaloota Oromoo Tuulamaa

Qomoon uummata Aanaa kanaa Hortee Tuulamaati.Tuulamni kunis ijoollee sadi kan horeedha. Isaanis Daacci, Bachoo fi Jiilleedha. Akkasumatti Daacciis ilmaan sadi Galaan,Oboofi Sooddo kan qabuudha. Akkasumas, Sooddo ilmaan sadi kan qabuudha. Isaanis; Odituu, Liibaniifi Tum'eedha. Ittuma fufuudhaan horteewwaan kun balbalatti Oditu balbal shan, Tum'een balbala lamafi Liiban ammoo Balbala lama kan qabaniidha. Bachoon ammoo ilmaan ja'a qaba, isaanis; Iluu, Meettaa, Waajitu, Keekkuu, Garasuufi Uruudha.

Uummanni Aanaa Tolee keessatti argamanis ilmaan Tuulamaa keessaa Bachoofi Sooddoodha.

**Hidda Dhaloota Tuulamaa**





(Madda raga Aadaafi Turizimii Aanaa Tolee)

### 1.9. Bu’uuraalee Misooma Aanaa Tolee

Bu’uraalee Misoomatiin wanti walqabatu,Daandiin Cirrachaa Bonaafi Ganna tajaajila kennu 117km dheeratu kan jiru yoo ta’u, kunis caalmatti gandoota hunda bira kan gaheedha. Ibsaanillee, magaalaa guddittii Aanaa Tolee Baantuu irraa ka’uxixiqqoo kanneen akka Laalisee, Abeebee, Kusaayeefi jijjigaa kan itti tajaajilamaniidha.Uwwisa tajaajila Fayyaa waliin gahuuf,dhaabbileen fayyaa jiran;buufata eegumsa fayyaa afur, keellaa fayyaa 22 fi Hospitaala tokko kan qabduudha. Manneen barnootaa baadiyyaa 23 fi magaalaa 2 keessaatti mana barumsaa Sadarkaa 1ffaafi 2ffaa gama ijaaruufi babal’isuutiin kutaa 1-4 ja’a, kutaa 1-8 kudha sagal, kutaa 9-10 lamaafi kutaa 11-12 tokko fi oolmaa daa’immanii kan dhuunfaa tokko Aanaa qabduudha. Akka dhaabbataattis Wiirtuu leenjii tekinikaa fi ogummaa tokko sadarkaa Aanaatti jiraachuun

aanittiif carraa guddaadha. Amantiiwwaan uummata Aanichatiin hordofaman Waaqeffannaa, Ortodoksii, musliimafi Pirotestaantii kan jiruudha.




Fakkii 1 ff$^{aa}$ Kartaa Aanaa Tolee

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Qorannoo tokko geggeessuuf yaada hayyotaa mata-duree qorannichaa waliin walitti dhufeenya qaban sakatta'uun barbaachisaa dha. Sababiin isaas dhimma qorannichi irratti geggeefamu sana ilaalchisee beektonni dursanii maal akka jedhan sakatta'uun qorannichaaf kallattii agarsiisuu danda'a waan ta'eefi. Akka Berg B. (2001:19) ibsetti barreeffamoota armaan duraa kan mata-duree qorannichaan hidhata qaban sakatta'uun faayidaa inni qabu keessaa tokko argannoowwan hojii qorannootiif barbaachisan gabbifachuu dha. Boqonnaa kana keessatti maalummaa fookloorii, Yaaxxinoota qorannichi bu'ureeffateefi qorannoowwan mata-duree kanaan walitti dhufeenya qaban, maalummaa duudhaa Oromoo, maalummaa sirna kabaja kennaa abdaarii, waantoota yeroo sirnichi kabajamu barbaachisan, hirmaattota sirnicha, firiiwwan fooklooriifi fakkoommiiwwan sirna kana keessatti argaman qaacceessuu. sirni kennaa abdaarii amma sadarkaa maalirra akka jiru, akkasumas barruuwwan walfakkii sakatta'amaniiru.

## 2.1 Yaadrimee Fookiloorii

Fookiloorii ilaalchisee hiikni murtaa'aan lafa kaa'ame hinjiru. Haa ta'umalee, Kitaabotni adda addaa waa'ee fookiloorii hiika adda addaa lafa kaa'aniyyuu, hiikni isaan kennan kun walfakkeenya qabu.

*'Folklore is the social, material and oralculture of primitivesocieties.Thesocial Cultur Ecomprises such formsas festivals, dances and religiousrites.The material culture comprises architecuture and art and crafts. The oral culture includes songs, tales, legends, proverbsand riddles'.(Isaacs, 1981: 457)*

Yaada kanarraa akka hubatamutti fooklooriin hawaasummaa, meeshaalee hambaa fi afoola hawaasa walii galaati. Aadaan hawaasaa kanneen akka taphoota adda addaa, shubbisa, hojiiwwan amantaa kan hammatu, meeshaan aadaa immoo, ogummaawwan ijaarsa garagaraafi akkasumas afoolli hawaasaa faaruuwwan, durduriiwwan, af-seenaa, mammaaksa fi hibboo kan of-jalatti qabudha. Kana malees, yaadni kanaan wal fakkaatu akka armaan gadiitti kennameera.

*'Foklore in its broadest sense is the part of the culture, customs and belief of Society thatisbased on popular traditional. It is produced by the communityand is usuallytransmitted orally or by demonstration. In addition to folklore and poetry the principalsubjects treated in this article, folklore includes arts and skillsand music dance'.(Encyolopedia American, 1983: 498*)

Barruu armaan olii kanarraa kan hubatamu fookiloorii jechuun yaada hawaasa bal'aa qaama adaa, barsiifata, amantiifi kkf ta'ee dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufe ta'uusaati.

Akkasumas, yeroo baay'ee afaaniin kan darbu ta'ee hawaasarraa kan madduudha. yeroo bal'ifamee ilaallamu aadaa, barsiifata, fi gochawwan duudhaa hawaasa beekamaa irratti kan hudaa'u dha. Kan uumamus, hawaasumaan t'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan daddarbu ta'uu isaati. Fookilooriin qaama aadaa, barsiifata garaa garaafi faaruuwwaan hawaasa tokko keessa jiran kan irrra deddeebiin raawwatamu; akkasumas barreeffamaan osoo hin ta'iin afaaniin (jechaan) kan darbudha. Fookilooriin gochawwan hawaasa keessatti raawwatamu hunda kan hammatuudha (H.W. Fowler. and F.G .Fowler 1990:99). Akka yaada kanaatti fookilooriin qaama aadaa, barsiifataa, faaruuwwan afaaniin daddarban ta'ee gochawwan hawaasa keessatti raawwataman hunda kan hammatuudha.

Kanumaan walqabatee Melakne (2006:8) ibsutti, " Every group bound together or by common interest and purposes weather educated or un educated, rural or urban, possessed abbacy of traditions which may be called its folklore" jedha. Akka yaada kanaatti, hawaasni kamiyyuu kan kaayyoo tokkoof waliin jiraatan namoota baratanis ta'ee kan hin baranne, baadiyyaas ta'ee magaalaan akka aadaatti wal to'achuu danda'uun fookloorii jedhama. Kana jechuun, hawaasni kamiyyu waan isaan walfakkeessu kan qabanii fi hawaasa barateefi hin baratin akkasumas, magaalaafi baadiyyaan kan hin daangeffamne ta'uu isaa mirkaneessa. Dhalli namaa hundi wantoota walitti isaan hidhan yookiin wal isaan fakkeessan kan barates ta'ee hin baratiin, baadiyaas ta'e magaalaa qaamni aadaa walitti isaaniin hidhu fookloorii jedhamuu akka danda'uudha. Kana jechuun, hawaasni kamiyyuu waan isaan walfakkeessu kan qabanii fi hawaasa barateefi hin baratin akkasumas, magaalaafi baadiyyaan kan hin daangeffamne ta'uu isaa mirkaneessa.

*'Folklore is informally learned, un official knowledge eabout the world, our selve communities, our belief, our cultures, and our taditions that is expressed creatively through words, music customs, actions,* behaviors *and materials. It is also the interactive, dynamic process of creating,commnnicating and performing as we share that knowledge with other people (Smis and Stephens,' 1965: 12).*

Yaada oliirraa kan hubatamu, fookilooriin osoo itti hin yaadiin kan baratamu, beekumsa walii galaa kan hin taane, waa'ee addunyaa, waa'ee keenya, waa'ee uummata keenyaa, waa'ee amantaa keenyaa, waa'ee aadaa keenyaa fi barsiifata keenyaa jechatti, muuziqaatti, gochatti, amalaafi meeshaaleetti gargaaramuun ogumaa (kalaqa) hawaasaa kan ibsudha. Akkasumas, wlitti hidhatinsa fi raawwiin beekumsa waljijjiiruu keessa uumamaa kan deemu dha. Qorattoonni

fookiloorii amala dhuunfaafi ibsa isaa irratti hundaa'uun fookiloorii bakka hedduutti qoodu. Hayyuun Dorson, R.(1972:2) qeenxeewwan fookloorii bakka afuritti qooda.

'…folklore can be divided into four categories. These are termed the oral literature,the Material culture, the social folk custom and the performing folk arts. Each of theseis, in turn, divided into different subdivision.' Akka yaada hayyuu kanaatti, fookloorii iddoo afuritti qooda. Isaanis: Meeshaa Aadaa, Afoola, Aartiifi Duudhaa Hawaasaa jechuun kaa'era. Isaan kunis, qabxiileewwan garagaraatti qoqqooddamu.

### 2.1.1 Akaakuwwan Gurguddoo Fookiloorii

Gosa fookiloorii ilaalchisuun beektonni garagaaraa yaada isaanii kaa'anii jiru. Isaan keessaa Fiqaadee (1991,1) Dorson (1972) irraa fudhachuun **'**Fookilooriin firiiwwan gurguddoo afuritti qooddama. Isaanis afoola ( oral literature), barsiifata hawaasaa (social folk custom), artii hawaasaa ( folk performing art), wantoota aadaa ( material culture)' jedhamaniidha. Mataduree qorannoo kanaatiin wal qabatee barsiifata yoo abdaariitti hinqalamiin hafe yeroo saani dhalte silga elmanii ollaafi manguddoo namoota taa'ee waamanii waaqa isaanii kadhatanii ,eebbifatan malee yoo aannan dhuganyookan gurguran jabbileen jala hin guddattu, loon hin horan.Naannigni loon itti dhugu yoo bal'isan horiin nihora yoo dhiphisan loon nixiqaatu yaada jedhu qabaachuun duudhaa hawaasni sun qabu nugarsiisa.

#### 2.1.1.1. Afoola

Afoolli kalaqa sammuu keessatti qindaa'uun kan afaaniin himamuudha. Kana keessatti, haalli kuufamaafi lufiinsa isaas himiinsa afaaniin malee barreeffamaan miti. Wanti afaaniin lufaa dhufe kun baattuu seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, dinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatanii as gahaniidha. (Misgaanuu, 2011). Geetachoon (2008:114) irratti yaaduma kana deeggaruun, Afoolli gosa ogbarruu ta'ee aadaa, seenaafi eenyummaa hawaasaa himinsa afaaniitiin dhalootaaf akka dabarsuu eera. Kanafuu, afoolli aartii jechaa yookiin ogbarruu dubbii jedhamuu nidanda'a. Sababni isaas wanta sammuu keessatti qindaa'etu afaaniin himama waan ta'eefi.

Okpewho (1992) Afoola Afriikaa gosoota gurguddoo saditti qoode. Isaanis: Seeneffamoota afoolaa (Oral Narratives), Afwalaloo (Oral Poetry)fi Qareeyyii (Witticisms) jechuun qoqqoode. Akka inni ibsutti, seeneffamoonni warreen jaargochaa dhangala'aan himamaniidha. Afwalaloon kanneen amala walaloon guutamanii jiran yemmuu ta'an, qareeyyiin immoo kanneen jechootaa

gaggabaaboon himamaniidha. Kanaafuu, Afoolli amaloota hurruubummaa, jijjiiramummaa, yoomessaafi hirmaannaa jamaa of keessaa qaba jechuudha.

#### 2.1.1.2. Meeshaa Aadaa

Namoonni fedhii meeshaafi xinsammuu guuttachuufi dandeettii ogummaa agarsiisuuf jecha kan hojjetan wantoota ijaan mul'atanifi harkaan qabamuu danda'aniidha. Yaada kana Misgaanuun (2011:15) akka ibsetti, 'Wanti aadaa kan gurraan dhagaa'amu yookiin kan afaaniin dubbatamurra kan ijaan ilaalamuudha. Wanti aadaa kunis aadaa, amantaafi falaasama hawaasaa bifa ilaalamufi harkaan qabamuutiin kan labata tokkorraa isa biraatti ittiin darbuudha'. Akka yaada kanaatti wanti aadaa kan harkaan qabamus ta'ee ijaan mul'atu kalaqa uummataa waan ta'eef dhaloota dhalootatti kan darbuudha.

#### 2.1.1.3. Aartii Sochii Qaamaa

Aartiin sochii qaamaa hawaasaa, gosa aartii hawaasa keessaa tokko ta'ee oogumni isaa sochii qaamaan kan mul'atuudha. Aartiin sochii qaamaa hawaasaa, hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa adda addaaf bifa ogumaan guuteen, muuxannoo yeroo dheeraa irraa argateen kan kalaqeedha. Gosni aartii kun qaama keenya keessaa kutaa qaamaa hanga ta'een, jechuunis harka, miilla, mataa, fuula, mudhii, morma, kkf keessaa gara caalu sochoosuun kan raawwatuudha. Aartiin sochii qaamaa sirba, sochii qaamaafi diraamaa ogummaa qo'atamuufi wantoota qo'atamanii kan of keessaa qabuudha.

Iristeen (2012) aartii sochii qaamaa waraqaa qorannoo keessatti akka ibsitetti, 'aartiin duudhaa ogummaa aartii hawaasa tokko yoo ta'uu, gosa mul'ina fookloorii bifa faaruuwwan duudhaa, ragada, diraama, tapha fardaa fi k.k.f. kanneen sochii qaamaan qindaa'anii dhiyaataniidha'. Aartiin duudhaa kalaqa aadaatiin kan argame yoo ta'uu, ogummaa sochii qaamaatiin qindaa'ee waan dhiyaatuf dandeettin fedhii nama hawwachuu isaatii cimaadha. Kanaaf, haala salphaan fookloorii uummata tokkoo calaqqisiisu fi dhalootaa dhalootatti dabarsuu kan danda'uudha.

#### 2.1.1.4. Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa adeemsa jireenya keessatti garee uummataa walittii dhufeenya uumuun,gocha raawwatuun,afoola irra deebi'ee kan itti fayyadamuudha.kana wajjiin walsimatee Simsfi Stephen (2005:65) akka ibsaniitti duudhaa jechuun beekumsaafi adeemsa beekumsi duudhaa ittiin goonfatamuu,maalummaan kan ittiin ibsamuudha.Duudhaan dhalootaa dhalootaatti darbaa kan dhufe, firiiwwan adda addaa bara wajjiin jijjiirama kan agarsiisuun kanneen immoo itti fufiinsa kan qaban ta'uusaa hubachuun nidanda'ama.Barsiifanni yookiin

duudhaan hawaasaa akkuma firiiwwan gurguddoo fookiloorii kanneenii akaakuuwwan adda addaa of keessatti hammatua.Akaakuuwwan kanneen keessaa jiila, qoricha aadaa,diraamaa duudhafi kkf,akka ta'an ' Dorson (1972:3) addeesseera. Yaada armaan olii irratti hundaa'uudhan qorataan kun adeemsa sirna kennaa abdaarii yaada rime hiikni isaa haala qabatamaa keessatti beekama. Hiikni tokkoffaan ayyaanni ergamaa mootummaa waaqaati kan jedhudha. Akka hiika kanaatti ayyaanni mallatoolee mataasaa hubataman kan qabuufi uumaa keessatti bakka tokkotti argama jedhamee kan yaadamuudha. Garuu suurri isaa eessa akka jiraatu ibsuun rakkaisaadha. Kanumaan walqabsiisuun faayidaafi maalummaa dalaga jila Mulugeetaa Nagaasaa (2014:1) akkas jedhee ibsa.

> *In ritual performances, various social actors play their roles on common physical and cultural settins in the spirit of fraternity and sense of oneness. Inother words Rituals depict the tradional domains,the belief systemps, philosophical thoughts and Word outlooks of given society. They olso bring the cultural values and indigenuous knowledge of the ancestors to the new generation. Thus, rituals in this context could serve as a bridge b/n the past and the present.*

Akka waraabbii kanarraa hubatamuutti jlli tokko yoomeessa beekamu tokko keessatti wayita dhiyaatu hirmattoonni tokkummaa isaanii cimsuuf, obbolummaa isaanii jajjabeessuuf ga'ee olaanaa taphatu. Kanaafuu jilli firiiwwaan duudhaa,amantaa yookiin sirna amantaan ittiin gaggeeffamu falasamaafi ilaalcha uummataa maal akka ta'an sirriitti hubachuu faayidaa olaanaa qaba. Kana malees,safuun, kabajniifi dhugeeffannoon uummata durii dhaloota ammaatti dabarsuudhaan riqicha ta'ee akka tajaajilu barreeffamni armaan olii wajjin wal simsiisee Maatiin(1992:56) yaada kana eereera. ' A number of peoples keep or use a holy fire for religious purposes.The hero have sacred fire on the vallage altars with wchch symbolize national life prosperity and contact with the un seen world.'

Kana malees sabni garaagaraa ilaalchaafi amantii hordofu wajjiin wal simsiisee kan itti amanuuf galata galchuuf, akka nagaa ta.u, qabeenyaafi hormaata kannuuf yoomeessa beekama qabu(in recognized setting) keessatti jilaawwan adda addaa ni ayyaanneeffata. Duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfa irratti xiyyeeffannoo kan barbaadu hariiroo (walitti dhufeenya) garee irratti jechuun ibsa (Dorsan 1972:3). Duudhaan hawaasaa ummata keessatti umurii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee fudhatuudha.Namoonni kutaa hawaasaa tokko waliin jireenya hawaasummaa yeroo dheeraa keessatti dhimmoota garaagaraatirratti aadaa kuufatan qabu. Aadaan kuufatan kun immoo eenyummaa isaanii ibsa. Kunis, waa'ee aadaa

dhimma ta'e tokko hawaasa isaatiin alatti kaasuun balballoomsuun ifa gochuun rakkisaa akka ta'e namatti agarsiisa. Kanarraa ka'uun, aadaan mirkaneessituu eenyummaa hawaasa ykn saba tokkooti jechuun nidanda'ama. Maalummaa aadaa kallattiin hiikuuf yaalurraa wantoota inni of keessatti ammatu addeessuun kan salphatu ta'uudha. Haaluma kanaan, aadaan wantoota ijaan mul'atan kanneen akka meeshaalee ogummaa, manneen jireennaa, miya manaatiifi meeshaalee sabqunnamtii kkf, akkasumas wantoota bu'aa bilchina sammuu ta'an kan akka beekumsaa, barnootaa, saayinsiifi, kkf akka of keessatti ammatu ibsama. Kutaa kana keessatti kan ramadaman kabaja sirna kennaa abdaarii, qoricha aadaa, tapha aadaa, waaqeffannaa fi guddina sadarkaa (kabaja) namaati. Itti fufuun duudhaa hawaasaa kana immoo gara duudhaa Oromootti fiduun bal'inaan ilaaluun barbaachisaadha.

**2.1.2 .Faayidaa Fookiloorii**

Yaaxxinoota faayideessummaa bu'ureeffachuun hayyoonni adda addaa faayidaa fookiloorii iddoo garaagaraatti qoodu. Kanneen keessaa Bascom (1965) faayidaa fookiloorii akka itti aanu kanatti iddoo afuritti qoode.

**2.1.2.1. Miliquu (To Scape)**

Miliquun wantoota jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti nama muudatan jalaa bahuuf haala mijataa barbaadu dha. Yaada kana Bascom (1965:290) yoo ibsu,

'To scape from limits or impositions the cultural places on us. We scape from the every day by enjoying folklore, and it also can allow us to express thoughts or feelings, that are appropriate in every day society.'

Yaada waraabbii armaan olii irraa wanti hubatamu, fookilooriin wantoota aadaa hawaasaa keessatti akka hin raawwanne dhorkamaa ta'aniifi dhiibbaa aadaa jalaa akka ba'aniif faayidaa qaba. Kanaaf fookilooriin dhiibbaa aadaa (hawaasaa) jalaa akka ba'aniif ni gargaara.

**2.1.2.2. Cimsuuf (Validetes Culture)**

Fookilooriin dhimmoota hawaasaa akka irra deddeebi'amee raawwatu waan taasisuuf looriwwan hawaasichaa cimee akka itti fufu ni gargaara. Fakkeenyaaf, sirna kennaa abdaarii keessatti kanneen tajaajilan horii qalmaa, marga, buna dhaabbachuu, dhibaayyuu Sirna Gadaa keessatti bokkuu, ciiccuu sirna Ateetee keessatti siinqeefi kkf. ergaa mataa isaanii ni qabu.

**2.1.2.3. Dhorkuuf**

Dhorkuun dhimmoonni aadaafi safuu hawaasichaa keessatti hinbarbaachifne akka hin raawwatamne ittisuu jechuu dha. Kunis faayidaa fookilooritiin yoo ibsamu, dhimmoota hawaasa

keessatti sababoota adda addaatiin raawwatamuun hin barbaachifne tokkorraa miseensota hawaasichaa yookin kanneen biroo dhorkuu dha. Fakkeenyaaf, Sirna Gadaa keessatti namni osoo niitii qabuu niitii namaatti gale miseensota sadarkaalee Gadaa keessaa ‘Foolledhaan’ waan reebamuufi (yaabbatamuuf ) namooni biroon gocha akkasiirraa ofqusatu.

Walumaagalatti dhorkuun amaloota aadaa hawaasichaa keessatti hin barbaachifneefi miidhaa qaban akka hafuufi kanneen aadaa hawaasichaan fudhatama qabaniifi faayidaa qaban akka jajjabeeffamuun itti fufu gochuu keessatti fookiloorin shoora olaanaa taphata.

#### 2.1.2.4. Barsiisuuf

Fooklooriin muuxannoowwan bu’aa ba’ii jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti kallattii garaagaraatiin hawaasichi waliin qabu dhaloota lufu irraa dhaloota dhufutti dabarsa. Haala akkanaa keessatti dhimmoonni hawaasaa sababoota adda addaatiin raawwataman fakkeenyaaf, sirna kennaa abdaarii, Sirna Gadaa,aadaa uffannaa, aadaa nyaataa, Sirna Waaqeffannaa, kkf. karaa fookloorii barsiifamu. Yaaduma kana Fakede (1991:20) akka ibsetti, sirboonni, geerarsi, mammaaksi, durduriiwwan,haalli jireenya hawaasaa, naamusa gaarii, jechamoota, haala itti dhugan /nyaatan, uffatan, itti taa’an, dubbatanfi kkf. keessatti adeemsa barsiisa. Haala kanaan daa’immaniifi dargaggoonni amala isaanii daa’imummaadhaan kallattii gaarummaatiin akka bocaman barsiisa.

Yaada kana Bukeenya (1994,85) yoo ibsu ‘oral literature impacts to the growing person use ful cognitive informative and affective skill which enable the person to life and to be useful members of a society’ jedha. Akka yaada isaatti afoolli namni tokko mallattoo nuffii tokko malee osoo hin agarsiisin hawaasa irraa akka baratuufi sammuu isaa akka gabbifatu isa taasisa. Gabbisni sammuu kun miseensi hawaasa tokkoo naannawa isaa akka beekuufi walitti dhufeeny gaarii akka qabaatu sadarkaa waan tokko hubachiisuu, guddisuu irratti gahee guddaa qaba. Haaluma walfakkaatuun Hinseenee (2010,3) faaydaa afoolaa yemmuu ibsu ‘afoolli ijoolleef barumsaaf beekkumsa afaaniif bu’aa guddaa qaba. Naannoo barsiisa, dandeettii waaqabachuu niguddisa, seeraafii miidhagina afaanii nibarsiisa’. Kanarraa kan hubannu ijoolleen danddeettii garagaraa akka horataniifi bilchina sammuu akka argatan kan gargaaruudha.

### 2.1.3 Barsiifata Hawaasaa (social folk custom)

Barsiifannii hawaasa akkaakuuwwan fookiloorii keessaa isa tokko yoo ta'u, amaleeffannaa ykn gocha baramaa hawaasni yeroo adda addaatti jila walfakkaataa ta'e irratti haala wal fakkaataan raawwatu kan agarsiisu yoo ta'u, duudhaa, dalaga, safuufi k.k.f kan ittiin dabarfataniidha. Barsiifanni hawaasummaa walitti dhufeenya garee hawaasa tokkoo, hirmaattota amantaafi alamantaa kan hammatuudha. Melakneh,(2006:9) dorsan waabeeffachuun barsiifata hawaasummaafi qabiyyeewwan achi jalatti ilaalamuu danda'an yaada armaan gadiitti ibsame keessatti ibsee jira. Damee barsiifata hawaasummaa jalatti qoodamu kan danda'an wantoota afurtu jiru. Isaanis jila adda addaa (kabaja ayyanaa), tophoota, dirree bashannanaa, qoricha aadaafi amantii duudhaa namoonni gareen hirmataniidha. Kunis wanta hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti barachaa deemudha.

#### 2.1.3.1 Jila

Yaad-rimee jila jedhu kana hayyoonni adda addaa hiika itti kennaniiru. Maalummaa jilaafi gahee jilli hawaasa tokkummeessuuf qabu yoo kaasu akka armaan gadiitti ibsa.

'*Jilli haala qindaa' aafi toora isaa eeggatee bifa miidhagina ykn qulaqullina qabuun bakkaafi yeroo murtaa'aa keessatti raawwatamu ta'ee irra deddeebi'ame bifa fedhii namaa hawwatuun kan dhiyaatuudha. Kunis garee hawaasa tokko walitti hidhuufi fedhii isaa kallattii tokko irratti eeguu keessatti gahee guddaa kan taphatuudha'. ( Delessa, 2008: 17).*

Jilli tokko adeemsa mataa isaa qaba. Yoomessa keessa socho'us niqaba. Kunis yoo qophaa'u iddoofi yeroo murtaa'aa ta'e keessatti kan adeemsifamu ta'ee haalaan kan qindaa'uufi fakkoommiin achi keessatti mul'atanillee hiikaafi ergaa dabarsuu kan qabu akka ta'e dubbata. Yeroo hundaatti kan ta'u, bakka hundattis kan ta'u miti. Itti yaadamee bifa ulfina qabuun kabajama.

### 2.1.4. Sirna Raawwii Ayyaaneeffannaa

Aadaafi ayyaaneffannaan raawwii tokko malee adeemsifamuu hin danda'u. Kanaaf, sirni ayyaaneffannaa aadaa tokkoo gara raawwiitti yoo jijjiiramuu baate lubbuu qabaachuu hin danda'u. Aadaafi ayyaaneffannaan aadaa kan addaan bahee hin ilaalamneedha. Yaada kana hayyuun Rapaport (1992:250) akka ibsutti, 'If there is no performance there is no ritual: performance it self is an aspect of that which is performed. The medium is part of the message is encorded in the ritual' jechuun akkaataa mul'atu akka ta'eefi kan mul'atu kunis ergaan isaa raawwiin akka mirkanaa'us ni ibsa. Raawwiin amala fookloorii hundaa akka ta'es hayyuun Sims

and Stephans (2005:128) akkas jechuun yaaduma armaan olii deeggaruun sirni ayyaaneeffannaa erga jiraatee raawwii mul'atus jiraachuun dirqama. Sababnisaas fooklooriin kamiyyuu yoo raawwii hin qabne itti fufinsa qabaachuu hin danda'u. Akkasumas, ergaan kabaja ayyaaneffannaa keessa jiraatus darbuu hin danda'u. Erga raawwiin ayyaaneffannaa aadaa hawaasaa kaayyeffatee darbu tokko erga isaas hanguma sana kan walqabate ta'a jechuun hayyoonni ibsu. Kana malees, akkaataan raawwii aadaa hawaasa tokkoo ta'eewwan wajjiin walqabsiisuun tokkummaa qabaachuu isaanis ibsaniiru.

### 2.1.5. Ayyaana

Qorattoonni adda addaa yaadrimee 'ayyaana' jedhu ilaalchisee yaada walsimu hin qaban.kana jechuun yaadonni hayyoonni adda addaa kennan kun yaada wal fakkaataa otoo hin taane kan garagara ta'edha. Ayyaana yeroo jennu uumama waaqa qaalluu keessaan mul'atee waaqaafi nama walquunnamsiisu jedhamee beekama. Bartels (1983:112) 'Oromoodhaaf addunyaan ayyaana keessaan akka cophuuf yookaan faca'uuf agarsiisuuf uumamni hunduu namni horiifi biqiltoonni ayyaana mata isaanii ni qabu' jedha. Kanaafuu, ayyaanni kan uumama hundaa ta'uu ibseera. Haata'u malee Oromoon jecha "ayyaana" jedhuuf hiika adda addaa irra keessaafi hiika ijoo kenna. Gadaa (1988:17) ayyaanota akka "ergamtoota mootummaa waaqaa tokko tokkoo isaanii keessaan waaqni itti mul'dhatutti kan hubataman yookiin ergamtoota waaqayyoo dhugaan walfakkaatan"jedhee ibseera. Akkaataa Oromoon ayyaana itti hubate yoo ibsinu, Oromoon ergamtoonni afuura qulqulluu namaafi waaqa jedhu jiraachuu isaanii kan amanamu ta'uu isaati..

Yaadni rimeen "ayyaana" jedhus hiikni isaanii haala qabataa keessatti beekama. Hiikni tokkoffaan ayyaanni ergamaa mootummaa waaqaati kan jedhudha. Akka hiika kanaatti ayyaanni mallattoolee mataa isaa hubatamaan kan qabuufi uumaa keessatti bakka tokkotti argama jedhamee kan yaadamudha. Garuu suura isaa eessa akka jiraatu ibsuun rakkisaadha. Ayyaanni uumaa kan hin hubatamne ta'uu isaa .Bartels (1983:112)

Gammachuu madda ragaa tokkoffaa taasifachuun akka armaan gadiitti ibseera.Wanti hunduu hiika dachaa lama qaba. Inni tokko kan ija keenyaan arginudha; kutaan biro ija keenyaan arguu kan hin dandeenyedha; garuu laphee keenyaan argina. Kutaa hin mul'anne kana ayyaana jenna. Nuti waan hunda akkaataa kanaan ilaaluu keenya qalbeeffachuu baannaan nuhubachuu hin dandeessu. Kana jechuun ayyaanni hubatamuu kan hin dandeenye ija keenyaan otoo hin ta'iin laphee keenyaan kan arginudha. Kunimmoo amala afuura qulqulluu dhalootaa gara dhalootaatti

daddarbus ayyaana jedhama. Afuurawwaan qulqulluun kunneen ayyaana yommuu jedhaman isaanis qulqulluu kan ta’aniifi kan fayyadan ta’uu hubachiiseera.

### 2.1.6. Safuu

Safuu jechuun akka duudhaa oromootti, waaqni, Lafti ,abdaariin, uumaafi uumamni ayyaanni safuu jaalatu. Haala kanaan sirni kennaa abdaarii safuun yaadrimee ilaalcha Oromoo wanta dogongoraafi sirrii waliin walqabatudha. Ilaalcha addunyaa Oromoo keessatti safuun akkaataa gochaalee kamiyyuu sadarkaa dhuunfaa, sadarkaa hawaasummaa yookaan adduyaa jiraannutti qajeelfama naamusaafi amala gaarii nuuf kennuuf nugargaara. Duudheffannaa Oromoo keessatti safuun yaadrimee bu’uura jireenyaa waan ta’eef naamusaalee hin barbaachifne kan akka nama hanna, cabbi cimaa roobuu, nama doorsisuu, waliin dubbii hin barbaachife taasisuufi kkf kan argisiisudha. Jiruufi jireenya guyyaa guyyaa keessatti jechi ‘safuu’ jedhu bal’inaan mul’ata. Oromoon walkabajuuf, sirna kennaa abdaarii walii kabajuuf marga kutee waliif kennee maanguddoo simatee, yoo akka tasaa wal ajjeese gumaa dhiqata, Laga yommuu ce’u, qe’ee, maanguddoota kabajuun, yeroo abdaarii bira gahu, warra ayyaantuutti yommuu dhufu, yemmuu fuudhaafi heeruma mallattoo safuu kan ta’e marga yookaan coqorsa kutee irreeffachuun yookaan namatti kennuun safuu ibsa. Tilahuun (1989:511)Maalummaafi faayidaa safuu hawaasa addunyaa Oromoo keessatti safuun akkaataa gochaalee kamiyyuu sadarkaa dhuunfaa, sadarkaa hawaasummaa yookaan adduyaa jiraannutti qajeelfama naamusaafi amala gaarii nuuf kennuuf nugargaara jechuun ibsa.

### 2.1.7. Maalummaa Abdaarii

Abdaariin ijaan hin mul’atu; garuu, uuman yookaan afuura waaqaa kan nama eeguufi nama qajeelcha. Akkasumas, akka horiin, maatiin, maasiin, sa’aa namnifi barri akka nagaa ta’u, biyyi akka nagaa ta’u, midhaan facaafatan akka sirriitti margu, midhaan yoo facaafatan akka bokka qulqulluu itti roobuu, fi rooba yeroo isaa eeggatee akka roobuuf kadhaan kan raawwatamudha. Yoo akka tasaa dunni waaqaa (bakakkaan) bu’e waaqa uuma isaanii abdaarii jalatti buna dhaabbachuun ‘isgoo isgoo’ jedhanii sirna kadhataniidha. Kanumaan walqabatee akka tasaa namoonni sirna kennaa abdaarii kan duraan kabajaa turanii yoo bar-tokko hin kabajiin hafan nama sana irratti gidiraafi rakkinni itti baay’ata, horiin jalaa dhuma midhaan hin barakatu, naannoo midhaan inni facaafate irratti cabbiii cimaan ni rooba yookiin roobni ni hanqata waan ta’eef sodaa kanaaf jecha osoo hin kabajiin hinhafan. Sirna kanaa abdaarii kana kabajuuf yeroo baatii tokkotti galu horii qalmaaf ta’u qopheeffachuuf yaalii guddaa taasifama.

Abdaarii jechuun bakka qorataan qorannoo kana itti gaggeessetti muka guddaa gaaddisa qabu ta'e, bakka namoonni uumaafi uumama isaanii abdaariin walqabsiisanii waaqa uumaa isaanii ,jiruufi jireenya isaanii, horiin akka walhoru, namni akka nagaa mana isaatii bahe nagana galu, arfaasan akka rooba qulqulluu roobu, maatiin maasiin akka nagaaa ta'u, ganna dukkana akka booqaa birraatti bahaniifi awwaara bonaa akka nagaa tahan, abdaariitti bahanii bakka itti uumaa isaanii kadhatan abdaarii jedhama . Maqaan muka abdaariif ta'u immoo Garbii ,Birbirsa,Oomii Sonboofi mukkeen biro ta'uu danda'u . Hawaasni naannoo kanaa muka abdaariitti waaqa uumaa isaanii bakka itti kadhataniidha. Uummanni naannoo kanaa yeroo kadhatu, yaa abdaarii yoo maatii koo nagaa naaf goote, yoo horiin koo nagaa ta'an,yoo midhaan faca'e kanatti rooba gahaa nuuf roobe, yoo biyya keenya nagaa nuuf , gooteefi kkf Hoolaafi Re'ee keessa siif kenna jechuun abdaariif wareeggata.

Yoomessi sirna kennaa abdaarii waggaatti yeroon lama kabajama.Innis, yeroo soomii hiikaa ayyaana faasikaa hoolaa qaluun kan kabajamuufi ji'a caamsaa gaafa guyyaa tokkoo muka abdaarii jalatti shuummoo yookaan mulluu affeeluun maatiin hundinuu buna dhaabbatanii mijuu dhiyeeffatanii arfaasaan haala gaariin akka roobuuf, ganna nagana akka bahan abdaarii isaanii waammachuun waaqa uumaa isaanii yeroo sirnichi bal'inaan itti gaggeeffamuudha.Abdaariin muka guddaa gaaddisa qabu ta'ee, maqaan mukichaa akka naannoo kanaatti irra caalaa mukeen jiran keessa muka garbii jedhamuutti abdaariitiif itti fayyadamu.Mukni abdaariin kun yoo dameen isaa gogee lafa bu'e gara manaatti fudhatanii galanii qoraan ibiddaatiif itti hinfayyadaman ni sodaatama. Goggogaan muka abdaarii walitti qabuudhan olka'me yeroo sirnichaatiif buna ittiin dhaabbatu. Mukni abdaarii kun akka mukeen biroo namni yaabbatee irraa murmuruun hindanda'amu. Sababiin isaas, ni sodaatama, ulfina qaba yoo yaabbates namni irraa kufe du'a jedhamee amanama. Yeroo sirnichaas mijuu osoo hinqammasiin itti qicama. Akkasumas, namni yoroo mijuu baatee daandii deema ta'e mijuu sanarra muka abdaarii sanatti itti qicee bira darba malee akkasiin bira darbuu ni sodaatama. Walumaa galattii Dubartoonni sirnicha kabajan uffanni isaanii adda, innis, dibbiqqoo yookaan uffata aadaarra kan hojjatame ta'e kuula gosa halluu adda addaa kan qabuufi morma isaanirratti immoo callee faayamanii sirna kanarratti meeshaalee sirnichaaf barbaachisu qabatanii abdaariin wal qabsiisanii waaqa uumaa isaanii kadhatu. (maddi, maanguddoo obbo Badhooshee Barruu 18/1/2011).

### 2.1.8 Jaarii Waaqaa

Jaarii waaqaa jechuun akkuma maqaa isaa irraa hubannutti dheekkamsa isaa waliin kan wal qabatudha jechuudha. Ayyaaneffannaaleen jaariifi abdaariif buna dhaabuunyookiin baasuu ammoo ayyaaneffannaalee jaarichis ni jedhama. Ayyaaneffannaan kun Afuura qulqulluu dhiifama gaafachuuf kan ayyaaneffatamudha. Kunis ,araara waaqaa jedhama. Imaanaan (2007:47) akka ibsutti, 'ayyaaneffannaaleen araara waaqaa immoo godina shawaatti maatii warra bakakkaan itti bu'een kan ayyaaneffatamudha' jechuun yaada isaa lafa kaaha. Ayyaaneffannaaleen jaarii waaqaatiin ayyaaneffatamu kun kaayyoo mataasaa danda'e kan qabudha. Kana jechuun araarri waaqaan ayyaaneffatamu waanta bakakkaan irratti bu'e sun waan cubbuu of keessaa qaba jedhamee waan amanamuuf miseensonni maatii waaqni irratti guyyaa sana waggaa waggaan kennuudhaan kan dabarsanidha. kana jechuun guyyaa kanatti wagga waggaan qalmi niqalama, nyaanni ni qophaa'a, dhugaatiinis ni qophaa'a. Yeroo kanatti, Firrini ni waammamu, ollaan, hiriyyaaniifi miseensonni maati sunii marti niyaamama. Isa booda ayyaaneffannaalee bifa affeerritiin qophaahuudhaan qalmaafi nyaataaf dhugaatii jiru sana nyaatanii dhugu jechuudha. Haata'u malee maatiin namoota bakakkaan itti dheekkame yookiin irratti bu'e kan guyyaa waaqni nagaa gaafate jedhamu kanatti wantoonni lagatamanis ni jira. Akka fakkeenyaatti fudhannee yoo ilaalle wantoonni lagataman kun Sangaan isaanii guyyaa waaqni araarameef sanatti lafa hin qotu, dhadhaan loonii hin gurguramu, aannaniifi baaduun isaanii guyyaa kanatti gadi hin bahu, namni aannan loon sanaa dhugee ala hin bulu jedhu.

## 2.2 Yaaxxinaalee Qorannoo Kun Bu'ureeffate

Qorattoonni fookiloorii (folklorists) firiiwwan fookiloorii adda addaa irratt yeroo qorannoo gaggeessan adeemsa qorannoo isaanii fuulleeffachuuf, akkasumas, ragaa ittiin qorataan kallattii isaa mirkaneeffachuuf (to frame the issue) yaaxinaalee adda addaatti akka fayyadaman qorannoon ni addeessu.Issaan keessa akka armaan gadiitti yaa ilaallu.

### 2.2.1. Yaaxina Haalawaa Fookiloorii

Akaakuuwwan fookiloorii qorachuuf hayyoonni yaaxina haalawaa fookiloorii akka fayyadaman barreeffamoonni qorannoo ni ibsu. Yaaxinni kunis yoomeessaafi haalawa kam keessatti akkaataa kamiin fookilooriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha.Kana wajjiin wal simsiisee jila adda addaa keessatti gaheen hirmaattootaa maal akka ta'eefi firiiwwan fookiloorii (Genres of folklore)akkaataa ittiin dalagaman , fakkoommiiwwan garagaraa hiika isaan qaban ,yeroofi iddoo

ayyaanoonni itti kabajaman uummata qorannoon itti gaggeeffamu keessatti hiikoo isaan qaban yaaxina haalawaa fookiloorii bu’uureffachuun xinxaluun ni danda’ama

### 2.3. Sakatta’a Qorannoo Walfakkii

Qorannoowwan garaagaraa kanaan dura gaggeeffaman sakata’amanii jiru. Hanga ammaatti qorannoon kallattiidhaan afaan Oromootiin mataduree kana irratti gaggeeffame argee hin jiru. Haata’u malee qorrannoon tokko tokko kan qorannoo kan deeggaran akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Misiraach Geetaachoo (2012) irratti, Kabaja ayyaana Gannii Facaasuu (ateetee loonii) jedhu keessatti, Oromoon akkuma loon horsiisuun beekamu loon isaa ni jaalata. Walfakkeenyi, sirna kennaa abdaarii keessatti akka horiin ,namni, maatiinfi midhaan akka sirritti marguuf ji’a Eblafi caamsaa keessatti waaqa kadhatu, ayyaanni Ganni kunis ayyaana horiidhaf birraa keessa ji’a sadaasaa keessa ayyaaneffatamu yoo ta’u, ayyaanni kun horii isaanii horsiisee guddisuu, nageenya, gammachuun jiraachuuf sanyiifi dhaltiin akka qajeeluuf waaqayyoon kan ittiin galateeffatan ta’uudha. Garaagarummaan qorannoo kanaa, kan kiyya sirna kennaa abdaarii qofarratti kan xiyyeeffatte yoo ta’u, meeshaalee ayyaanicha irratti dhihaatan, adeemsi kabaja sirnichaa, hirmaattota irrattiifi facaafannaa ayyaana ateetee kanaa ayyaana looniif qofa akka kabajamu ibsuusaati.

Walumaa galatti, qorannoon kun digrii tokkoffaa guuttachuuf qorannoo gaggeeffame yoo ta’u, dhimmoota ateetee of keessaa haa qabaatan malee gadi fageenyaan hin kaafamne.

Gama biroon, qorannoon digrii lammaffaa ilaalchisee Sirna kennaa abdaarii irratti qorannoon gaggeeffame kallattiin kan hin jirre yoo ta’ellee, mata duree qorannoo kanaan walitti dhefeenya qaban ilaaluuf yaaleera. Muhaammad Jamaal (2015:11) mata duree qorannoo “Qaaccessa Raawwii Sirna Hooda Oromoo Arsii’’ jedhu keessatti yoo kaasu, sirni ateetee dubartoonni Arsii yeroo qanaafaan jirtu yoo dhannamte, waraanni yoo hammaate, yeroo beellifi caamni hammaate malkaafi tulluutti bahuun sirna taasifamuudha. Kana malees, ateeteen Arsii yeroo ayyaanni adda addaa , yeroo raawwii sirna hoodeffannaa sadarkaa aanaafi naannoo birootti kabajamu meeshaa aadaa isaanii sinqee, bokkuufi waan sirnichaaf barbaachisu kan biroo hunda qabatanii eddoo sanatti argamanii sirnicha gaggeessuu kan jedhu mata duree qorannoo koo waliin walfakkeessa.

Dubartiin qanafaan osoo jirtuu namni dhaane itti ililfachuun abbaa ishee qanafaan jirtu dhaane sana akka yakka isaa baafatu taasifama. Kun akkuma balleessaa isaatti addaa addummaa qaba. Kunis qarshii osoo hin taane nama sana irraa horiin akka qalamu dubartoota saddeetifi dhiirota

sirna aadaa kanaaf qophaa'an namoota saddeetif murtaa'ee qalama. Qorannoo kiyyaan wanti qorannoo kana wal fakkeessuu dubartiin sirna kennaa abdaarii kana keessatti kabaja hawaasa biraa qabaachuu isheeti. Garaagarummaan qorannoo koo waliin qabu ilaalchisee kallattiin ayyaana ateetee irratti kan hin xiyyeeffanne waan ta'eef, adeemsa sirna ayyaana ateetee, yoomessa ayyaanichaa, hirmaattota, waqtii sirnichaafi weedduu ateetee kan hin hammannee ta'uusaati.

Imaanaa Bayyanaa (2007), qorannoo "Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo Naannoo Shawaarratti" taasiseen, amantiin duudhaa Oromoo waaqeffannaafi faaruun isaa bifa ogafaanitiin dhaloota irraa dhalootatti darbuun falaasama amantiifi beekumsa oromoo mul'isaa turaniiru. Akkatuma kanaan qorataan kun dhimmoota amantii duudhaafi hawaasummaa, waaqaafi waaqeffannaa, akkasumas, ayyaaneffannaalee Oromoo amantii duudhaa Oromoo naannoo shawaa ilaaluuf yaalee jira. Dhimma duudhaa Oromoo irratti xiyyeeffachuu isaa qacceessuurratti walfakkaata. Garaagarummaan qorannoo kanaa weedduu muraasaan alatti adeemsa sirna ayyaanichaa keessatti meeshaaleen, hirmaattonni, waqtiin, barbaachisummaan ayyaanichaafi dhangaaleen ayyaanicha keessatti barbaachisan guutummaatti hin ilaallamne.

Walumaa galatti, qorannoowwan sadarkaa digirii jalqabaafi lammaffaa keessatti qorataman sirna kennaa abdaarii keessatti dhimmoota ka'uu qaban irratti xiyyeeffannoo barbaachisaa ta'e irratti kennuun qorannoo hin gaggeeffamne ta'u isaati.

# BOQONNAA SADII:  MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti saxaxa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa,iddattoo qrannichaa,mala iddateessuu, meeshaalee funaansa ragaaleefi malli xiinxala ragaalee wal duraan duubaan bakkatti dhiyaatu ta'a. Qorannoon kun mata duree 'Qaacceessa Sirna kennaa Abdaarii Oromoo Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Tolee'jedhu irratti fulleffata.Kanaafuu, gosa qorannoo qulquleeffataa gargaaramuun kan hojjeetamedha. Dhimma mala filatame kanaas hojii kanaaf akka baay'ee barbaachisaa ta'e lafa kaa'ameera (Sabababiin isaas, qorataan kallattiin hawaasa bira deemee qorata. Kunis hiri'na mul'achuu danda'u hir'isuu irraatti mala gaariidha jechuun ibseera (Dastaa, 2013:3).

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun mala qorannoo ibsaarratti bu'uureeffate: kanaafuu, saxaxni qorannichaas mala ibsaati.Waa'ee mala qorannoo ibsaa kana ilaalchisuun Addunyaan (2011:63) yoo ibsu, "Qorannoo tokko haala ibsuu irratti xiyyeeffata yoo ta'e ,saxaxini isaas ibsaadha. " jedha.Kanaafuu,qoratichi ragaawwan af-gaaffii,daawwannaa,sakatta'a dookimeentii kanneen haala gaariidhaan xiinxaluuf mijataadha jedhamee waan yaadameef ,mala ibsaatti gargaarame.

## 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Tolee keessa filachuun Qaacceessa sirna kennaa abdaarii qofarratti xiyyeeffata. Sababiin iddoon kun filatameef Anaan Tolee iddoo sirni kun itti kabajamu ta'ee, hawaasa naannoo kanaafi kan naannoo biraa wajjin hunannoo wal fakkaataa waan hintaaneef hubannaa ifaafi sirrii ta'e qabsiisuuf jecha itti yaadameeti. Raawwii hojii kanaa keessatti qooda fudhattoonni akka madda ragaa tokkoffaafi madda odeeffannoo ragaa lamaffaarratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffameedha. Madda ragaa tokkoffaa qorannoo kanaa keessatti dhimmi itti bahame jiru, namoota kallattiidhaan waa'ee sirna kennaa abdaarii irratti beekumsaafi muuxannoo qabaniifi dhimma kana sirrtti hubannoo qaban kan xiyyeeffannoo keessa galchuun ggaggeeffamedha. Isaan akka madda raga tokkoffaatti filataman, maanguddoota yeroo dheeraadhaf aanaa kana turaniifi hojeettoota Biiroo aadaafi turiizimii aanaa Toleeti. Sababiin isaas Biiroon aadaafi turiziimii aanaa Tolee keessaa Maanguddoonni dhimmicha bal'inaan beekan waan jiraniifi. Maddi ragaa lammaffaan immoo, galmeewwan sirna kanaan wal qabatan kanneen akka barruulee, kitaabota adda addaa, qorannoowwan kanaan wal qabataniifi kan kana fakkaatanidha.

### 3.3. Mala Iddattoo

Adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti iddattoo qorannichaa murteessuun baay’ee barbaachisaadha. Waa’ee gosoota iddattoo ilaalchisuun, Dastaa (2013:102), Trochim (2006) wabeeffachuun yoo ibsu, ’Sampling methods are classified as either probability or non probability ‘ jedha. Yaadni kun immoo iddattoon akka walii galaatti, bakka lamatti akka qoodamuu kan agarsiisuudha. Kanaafuu, qorataan iddatoowwan lamaan keessaa iddattoo miti carraatti fayyadamee qorannoo isaa gaggeesseera. Qorannoo kana keessatti gosoota iddateessuu miti carraa keessaa ammo iddatteessuu akkayyoo yookiin kaayyootu filatame. Iddatteessuu kaayyoo immoo (Addunyaan, 2011, 67), Sarankos (2005) wabeeffachuun yoo ibsu ‘In the purposive sampling techniques the researcher purposely choose subsets who in their opinion are relevant to the project. The choose of respondent is guided by judgements of investigators’ jedha. Yaadni kunis iddattoo akkayyoo keessatti, qorataan kallattiidhaan iddoo sirni kennaa abdaarii itti raawwatama jirutti argamuudhan namoota dhimmicharratti hubannoofi muuxannoo qaban filachuun odeeffannoo bilchaataa ta’eefi haala qabatama dhugaa jiru keessatti argachuu waan danda’uufi. Dhimma sirna kennaa abdaarii kana irratti hundaa’uun waan isaaf hingaliin afgaaffii sirnawaa, mit sirnaawaafi wal keessoo fayyadamuun namoota dhimmi qorannichaarratti itti dhiyeenyaan nibeeku jedhaman gareen marsiisuufi dhuunfaan mariisisuun odeeffannoo gahaa malatti argatuuf ofiin murteessee akka filate agarsiisa. Kanaafuu qoratichi hawaasa aanaa Tolee keessa jiraatan keessaa Maanguddootaafi Hojjeettoota Biiroo aadaafi turizimii aanaa kanarraa argachuun danda’a jedhee namoota 10 akka madda odeeffaannoo filachuun adda baasateera.

Kanuma bu’uura godhachuun mala akkayyoo (purposive) jedhamutti kan dhimma bahuun hojiirra ooleera. Kanaafuu maanguddoota aanichaa 20 ta’n keessaa mala akkayyoottiin itti yaadamee namoota kudhan kanneen kaayyoo kana galmaan gahuu nidanda’u jedhaman keessaa maanguddoota dhiira kan umuriin isaanii shantamaa (50) ol ta’an (5)fi dubartoota umurii waggaa (50) immoo (2) , akkasumas dhiirota gaheeyyii umurii waggaa (50) gadii (2) fi dubartii waggaa (50) gadii (1) waliigala namoota (10) iddata miti-carraatiin mala akkayyoon fayyadamuun hojjetameera.

### 3.4. Malleen Funaansa Ragaalee

Malleen Funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti hojiirra oolan: daawwaannaa,afgaaffiifi sakatta’a dookimentiiti.

### 3.4.1. Daawwannaa

Meeshaan kun odeeffannoo madda raga tokkoffaa iraa walitti qabachuudhaaf oola. Kumar, (2005:127) yoo ibsu, 'Observation is one way to collect primary data. It is purposeful, systematic and selective way of watching and listeing to an interaction or phenomenas it takes place ' jedha. Yaaduma kana bu'uura godhachuudhaan meeshaan funaansa ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisu daawwannaadha. Qorataan daawwannaa isaa warra akka iddattootti filataman, Oromoo Tuulamaa ilmaan Daaccii keessa Oromoo Maallima bira deemuun jaarsolii akka Aanaa Toleetti Caffe-Galeessa jedhamanii beekaman yoomessa uumamaa keessatti yemmuu isaan sirna kennaa abdaarii gaggeessan daawwachuun qoratichi ragaasaa walitti qabatee jira.Akaakuuwwan daawwannaa lamatu jiru. Isaanis, hirmaachaa daawwwachuu (participant observation)fi halaala daawwachuudha. Hirmaachaa daawwachuun sirna yookiin raawwii irratti namoota yookiin raawwatoota waliin qooda fudhachaa daawwannaan kan gaggeeffamuudha. Hirmaachaa daawwachuun hirmaattoota sirnichaa irra jiran waliin osoo adda hinbahiin seerumaan hordofaa raga dhugaa tahe argachuuf gumaacha gudda qaba, akkasumas kaka'umsa namatti hora.

Halaala Daawwachuu: halaalaa daawwachuu jechuun osoo itti hin hirmaatiin irraa siqanii daawwachuu jechuudha. (Dastaa,2013:111).Anis akaakuuwwan daawwannaa keessaa kanaan filadhe, hirmaachaa daawwachuudha. Sababni isaas, yeroo isaan sirna kennaa abdaarii raawwatan osoo irra adda hin bahiin uummata waliin hojii isaan hojjetan gargaaruudha ,hirmaachuudhan raga dhugaa ta'e funaanamee jira. Qorannoon dirree kan qorataan tokko iddoo qorannichi itti adeemsisu dhaquudhaan qorannoo kan gaggeessuudha. Adeemsi kunis kan odeeffannoon qorannoo sanaaf ta'urraa argamu bira dhaquudhaan qabatamaan raga barbaachisu sassaabuuf fayyada. Qorataan bakka sirna kennaa abdaarii itti gaggeeffamu iyyaaffachuun akkasumas namootatti himachuun Aanaa Tolee keessaa iddoo garagaraa dhaquun odeeffannoo argateera. Haaluma kanaan qoratichi sirna kennaa abdaarii Gandoota Aanaa sana keessa jiran Ganda (6) deemee daawwateera.

Kanneen keessa Ganda Tulluufi Shukee Sadaasa,16/3/2011, Ganda Jawaaroo Koraa Sadaasa, 23/3/2011,Ganda Tulluu Tajii Ebla,20/8/2011 Ganda Koocee Maariyaamii Ebila 27/8/2011, Ganda Maammaa Caamsaa, 1/9/2011 fi Ganda Dulloo Caamsaa 4/9/2011 sirnoota kennaa abdaarii gandoota kanneenii irratti hirmaachuun meeshaalee funaansa ragaalee kanarratti hojiirra

oolan keessaa daawwannaafi af-gaaffiidhan funaanamanii jiru. Odeeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisan kan walitti qabaman adeemsa adda addaa keessa darbaniiti.

**3.4.2. Afgaaffii**

Af-gaaffiin malleen odeeffannoo qorannoo kanaaf ittiin funaannaman keessaa isa tokko ta'ee kan qorataaniifi iddattoonni fuulaa fuulatti wal arganii odeeffannoo waliif kennaniidha. Dhimma kana ilaalchisee Punch (1998), yoo ibsu ' the interview is one of the main data collection tools in qualitive research.It is very good way of assessing people's perceptions ' jedha. Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti afgaaffiin qorannoo akkamtaa meeshaan funaansa raga murteessaa ta'uu ibsa. Malli kunis mala qorataan odeeffannoo kennitootan fuulafi fuulatti wal arguun odeeffannoo qorannoo isaatiif barbaadu afaaniin gaafachuun funaannatuudha. Malli kun immoo namoonni waa'ee adeemsa sirna kennaa abdaarii beekumsa wal qixa waan hin qabneef malli odeeffannoon ittiin funaannamu kun caalaatti filatamaa ta'ee argamee jira. Gama biraatiin immoo odkenitoonni dandeetti dubbisuu waan hingaafanneef bifa salphaa ta'een adeemsa sirna kennaa abdaarii kennuu ni danda'u kanaafuu malli kun afaaniin waan dubbisaniif odkennitootaafs mala salphaa ta'ee argamee jira. Qorataan afgaaffii qindaa'e muraasa qopheeffachuun gara funaanuutti erga deemee booda odeeffannoo barbaachisaa ta'e akka kennaniif jecha gaaffilee deebii qorannoo kanaaf oolan qopheeffachuun odkennitoota gaafachuu danda'eera.

Goldstein (1964:104) afgaaffii ilaachisee akkanatti ibsa.' interviewd include information on what the informat know,belives,expects,feels,wents, does or which explains, or gives reseons for any preoceing" jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti odeeffannoon afgaaffii irraa argamu namni odeeffannoo kennu waan beeku,waan itti amanu,waan nita'a jedhee yaadu waan itti dhagahamu waan fedhu,waan amma hojjetu,waan sababa isaa waliin ibsuu danda'u nama birootiif ittiin dabarsuudha. Qorataanis kana irraa kau'udhaan gaaffilee biro kaasuudhaan wanta argachuu qabu hunda argatee jira. Mala gaaffii jalqabaa irratti hunda'aanii gaaffii biro kaasuun kun qorannoo akkanaatiif mala filatamaadha. Qorataanis, odeeffannoo funaannachuuf jalqaba gaaffii qorannoo isaatiif deebii naaf kenna jedhee yaade gaaffilee kudhan qopheeffate. Gaaffileen qopha'an kunis kaayyoo qorannichaa galmaan naaf gahu jedhe erga yaadee booda qorataan bakka namoota iddattoof filataman deeme. Akkasumas iddoo sirni kennaa abdaarii itti gaggeeffame qoratichi odeeffannoo funaannatee jira. Yeroo isaan odeeffannoo kennan kun barreeffaman jalaa

barreessaafi kun waaraabbiin waraabaa qorataan odeeffannoo walitti qabate.afgaaffiin malleen odeeffannoo qorannoo kanaaf itti fayyadame keessa isa tokkoodha. Malli kun odeeffannoo daawwannaadhaan argachuu hin dandeenyeefi mala odeeffannoo bal'aa ittiin barbaadaniifi sirriitti qulqulleeffachuuf kan qoratichi deeggeruudha.

Creswell (2003:181) irratti yoo addeessu , 'in interviews, the researcher conducts face to face interview…, These interviews, involves unstructured and jenerally open-ended questions that are few in numbers' jechuudhaan ibsa. Kunis kan agarsiisu, qorataan af-gaaffii tokko hirmaattotaaf fuulaafi fuulaan wal arguudhaan kan gaaffii isaa gaafatu ,gaaffilee hin caaseffamneefi banaa ta'an dhimmi itti bahme.Gaaffiiwwan banaa ta'an kan gaafatamaniifis odeef kennaan gaaffii gafatameef soda tokko malee karaa bilisa ta'een akkaataa barbaadeen akka ibsuu danda'uufi.

Dhimma kana ilaalchisee ,Nunan (1992:45) yoo ibsu ' There are two ways of data collecting methods to collect information during interview using recording materials and taking methods. 'Sababni filannoo kanaas gaaffilee mata duree kana waliin walqabatu afaaniin gaafachuun odeeffannoon waan funaannamuu danda'uufidha.Kunis hawaasa hin barannee yookiin barreeffamaan odeeffannoo kennuu hin dandeenyeefi namoota afaaniin odeeffannoo kennuu barbaadan irraa odeeffannoo qabatamaa ta'e qaamaan wal biratti argamuun odeeffannoo fudhachuuf gargaara.Akkasumas iddattoonni bilisa ta'anii yaada isaanii ibsachuuf waan mijatuufiidha. Kanaafuu ,qorannoo kana keessatti namoonni muuxannoo mataduree kana irratti qaban manguddoota dhiiraa kan umuriin isaanii waggaa (50) ol (6) fi dubartoota umuriin isaanii waggaa (50) ol immoo(2) akkasumas dhiirota ga'eeyyii umuriin isaanii waggaa(50)gadii(3) dubartii umuriin ishee waggaa (50) gadii(1) walii gala namoota kudha-lama tooftaa miti carraatiin kaayyeeffachuun yeroo sirni kennaa abdaarii itti gaggeeffamu daawwachuun falatamaniiru. Sababni isaas dhimmi qorannichaa irratti namoonni hundi hubannoo gahaa qabaachuu waan hindandeenyeefi. Namoonni filaman kunneenis kaayyoo qorannichaa kanneen galma gahuu danda'u jedhamanii itti amanamaniidha. Gaaffilee af-gaaffii banamaa ta'an dhiyeessuuffiis odeeffannoon kun walitti qabameera.

### 3.4.3. Sakatta'a Dokumeentii (Galmee)

Malli funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti hojiirra oole, sakatta'a dokumentiiti. Qorataan qorannoowwan wal fakkii duudhaa Oromoo irratti kanaan dura hojjetaman dubbisuun sakatta'ee qorannoo isaa galmaan gahateedha. Waa'ee sakatta'a galmee ilaalchisee, ( Dastaan, 2013:131) '

Barreeffamni akka odeeffannoo qorannootti nama fayyadan hedduudha. Isaan keessaa kanneen akka kitaabotaa, xalayoota,gaazeexaa ,barruulee adda addaa ,bareeffama mana murtii, yaadannoofi w.k.f tauu malu. Dookumeentoonni kunis mana kitaabaa keessatti yookiin nama harkatti argamuu danda'u ' jechuun ibse.

### 3.5. Naamusa Qorannichaa

Qorannoon kun yeroo adeemisfamu jalqabaa hamma dhuma isaatti naamusa hordofe qaba. Jalqaba irratti xalayaa deeggarsaa Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu Yuunivarsiitii Addis Ababarraa barreessifachuun eegalame. Itti aansuudhaan immoo, xalayaa sana qabadheen Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Tolee deemuudhaan dhimmi duudhaa hawaasaa irratti qorannoo akkan hojjedhu hubachiiseen, erga isaan akkan hojjedhu naaf eeyyamanii booda ragaa qorannoo kootiin walitti qabuu eegale.Yeroo kana akka rakkoon hubannoo hin uumamneef namoota dhimmi kanarratti na gargaaru jedhee amanu dursa isaan hubachiisuun jalqabe. Sababni isaas, ragaan walitti qabamu kun sirna kenna abdaarii waliin waan walqabatuuf ragaan kun erga waraabamee booda maqaan namaa keessatti akka hin dhaahamne sirriitti hubachiifaman jechhuudha. Yemmuu ragaan walitti qabamu kana eeyyama isaaniitiin, akkasumas, akka aadaa, safuu, miira uummatichaatti akka hin buunetti walitti qabame. Dhumarrattis, bakka barbaachisaa ta'e deemuudhaan qoratichi hojii isaa aadaa hawaasichaa kunuunsuun qorannoo isaa gaggeessuu itti fufee jira.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA ODEEFFANNOO

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoo gaaffilee bu’uraa boqonnaa tokko keessatti ka’aniifi deebii argachuufi kaayyoo qorannichaa mirkaneessuuf ragaaleen odkennitoota irraa daawwannaa, afgaaffiifi dookimeentii adda addaa sakatta’uun funaannaman wal duraa-duubaan mala akkamtaa gargaaramuun qaacceffamaniiru. Akkaataan itti qaacceffamanis, gulantaaawwan kabajannaa bu’ureeffachuun yommuu ta’u, odeeffannoowwan funaannaman mata duree adda addaatti qoqqooduun erga tartiiba’anii booda qoratichaan qaacca’uun hiikni itti kenname. Haaluma kanaan, odeeffannooleen ijoon kutaa kan jalatti ka’an, maalummaan abdaarii, hirmaattotaafi yoomessa sirna kennaa abdaarii, fakkoommiiwwan achi keessatt argamaniifi firiiwwan afoola ni qaacceeffamaniiru, meeshaalee sirna kennaa abdaariifi dhangaa qophaa’ufi adeemsa sirna kennaa abdaarii tokko tokkoon qaacceffamu. Dhumarratti, faayidaan sirna kennaa abdaariifi haala sirni kennaa abdaarii yeroo ammaa irra jiru ilaalchisuun ibsi kennameera. Adeemsi sirna kennaa abdaarii qophiilee lama keessa darbee raawwata. Isaanis, qophii sirnichaan dura raawwatuufi yeroo sirnichaatti raawwatuudha. Kanatti aansuun qophiileen kun tokko tokkoon armaan gadiitti ilaallamaniiru

Gabatee 1. Karaa gabaabaa ta’een yoomessa sirna kennaa abdaarii qaacceeffameera

| Lakk. | Yoomessa sirnicaa | | Sababa filatamee daangeffameef |
|---|---|---|---|
| | **Yeroo** | **Bakka** | |
| 1 | Arfaasaa (Eebla-caamsaatti) | Naannoo mana ta’ee muka jalatti | Arfaasaan akka bokkaa qulqulluu roobu,midhaan faca’e akka sirritti margu,dukkana gannaa keessa akka nagana bahan,sa’aafi namni akka nagaa ta’uuf waaqa uumaa isaanii yeroo itti kadhataniidha. |
| 2 | Birraa (Sadaasaa keessa) | Naannoo mana ta’ee muka jalatti | yaa abdaarii kan booruu gannaa keessaa nu baafatee booqaa birraatti nu ceesifte sa’aa namaan galanni siif haata’u jechuun marga jiidhaa qabatanii dhiiga horii qalame sana addatti dibachuun waaqa uumaa isaanii yeroo itti kadhataniidha. |

### 4.1. Faayidaa Abdaarii

Abdaarii jechuun akka qorataan odeeffannoo obbo Angeessaa irraa argateetti, muka guddaa gaaddisa qabu ta'e, bakka namoonni uumaafi uumama isaanii abdaariin wal qabsiisanii waaqa uumaa isaanii ,jiruufi jireenya isaanii, horiin akka walhoru, namni akka nagaan rafee ka'u, nagaan mana isaatii bahe nagaan galu, arfaasan akka rooba qulqulluu roobu, roobni immoo waa hunda lubbuu qabeeyyiif akka biqilchuufi lolaan daandii isaa qabatee akka deemu, maatiin maasiin, waatiin akka nagaaa ta'an, nagaan ganna dukkana keessa bahuun akka booqaa birraatti bahaniifi awwaara bonaa akka nagaa tahan, abdaariitti bahanii bakka itti uumaa isaanii horii qaluun, buna dhaabbachuuniifi meeshaalee battalaa kanneen akka margaa, coqorsaafi midhaan baatanii deemaa jiran irraa itti qicuun yookiin sooruun abdaarichaaf muka jala buusuun kan kadhatan 'abdaarii' jedhama jedhan. Haa tu'u malee, abdaariin hinmul'atu; garuu, uuman yookaan afuura waaqaa kan nama eeguufi nama qajeelchudhha jehuun muka jalatti ba'uun kan kadhatanidha. Maqaan mukti abdaariif jala dhibaafamu immoo; Garbii, Odaa, Birbirsa, Harbuu, Hoomii, Sonboofi akkatuma mukkeen biroo naannoo sanatti argamuun kan itti fayyadamamu dubbataniiru. Muka abdaariitti Hoolan itti qalamee, bunni danfee, farsoon (mijuun) itti gad naqameeti waaqeffatama.

Namni biraan yoo darbus gad jedheeti sagada kun immoo ulfina muka abdaarii jedhama. yeroo abdaariitti fakkeessan immoo bakka araaraa, uumaa isaanii itti kadhataiin fakkeefama. Akkasumas, akka horiin, maatiin, maasiin, sa'aa namniifi barri akka nagaa ta'u, biyyi akka nagaa ta'u, midhaan facaafatan akka tolee margu, midhaan yoo facaafatan akka bokka qulqulluu itti roobuu, fi rooba yeroo isaa eeggatee akka roobuuf yaa abdaariif kadhaan kan raawwatamuudha. Yoo akka tasaa dunni waaqaa (bakakkaan) bu'e sirna kana sababeeffachuun waaqa uuma isaanii abdaarii jalatti buna dhaabbachuun 'isgoo isgoo' jedhanii bakka itti kadhataniidha. Kanumaan walqabatee akka tasaa namoonni sirna kennaa abdaarii kan duraan kabajaa turanii yoo bar-tokko hin kabajiin hafan nama sana irratti gidiraafi rakkinni itti baay'ata, horiin jalaa dhuma midhaan hin barakatu, naannoo midhaan inni facaafate irratti cabbiii cimaan ni rooba yookiin roobni ni hanqata waan ta'eef sodaa kanaaf jecha osoo hin kabajiin hinhafan. Mukni abdaarii kun yoo akka tasaa gogoggee cabee lafa bu'e fuudhanii galanii qoraan abiddaaf itti hinfayyadaman yookiin hin bobeeffatan.

Sababiin isaa mukni kun sodaatamaafi kabajama waan ta'eefi.Kanarra ka'uudhan faayidaa isaa hubatanii namni mijuu baatee daandii deemaa jira ta'e mijuu sanarra muka abdaarii sanatti itti

qicee bira darba malee akkasiin bira darbuu hin danda’amu. Sirnii kenna abdaarii waggaatti yeroo lama gaggeeffama. Innis: inni dura ji’a Sadaasaa keessa gaggeeffama. Inni jalqabaa kun immoo yeroon isa ganama erga saawwan gadi baasni booda sirna gaggeeffamuudha. Sababiin isaas, birran nagaan nuuf bari’ee kan jedhu ofkeessa qaba. Yaa abdaarii booruu ganna, dukkana gannaa keessa sa’aa namaan nu eegdee qooqaa birratti kan nubaafte galanni siif yaata’u jechuun sirna kennaa abdaariirratti horii qaluun yeroo itti abdaarii isaanii itti galateeffataniidha. Inni lammataa immoo waqtii arfaasaa ta’ee yeroo baay’ee sooma hiikka warra amantaa hortodoksii ordofuun booda Ebila hanga Caamsaa dhumaatti sirna kan gageeffamuudha. Sirni kunis, yoomeessi isaa bakkuma abdaarii ta’ee,yeroon isaa kan ji’a sadaasaarra adda jechuun sa’atii kudha-tokkoon booda gaggeefffa. Kaayyoon isaa, yaa abdaarii arfaasaa gaarii nuuf godhi,kan facaafanuu qulqulluu kee itti nuuf roobi,dukkana gannaa dhufaa jiru kana nagana nubaasi jechuun abdaarii isaanii kadhatu.sababa galgala ta’e immoo barri kun deemaa jira jechuudha (maddi, maanguddoo obbo Badhooshee Barruu 18/3/2011).

**4.2. Yoomeessa Sirna Raawwii kennaa Abdaarii**

Sirni kennaa abdaarii adeemsa mataa isaa qaba. Yoomessa keessa socho’us niqaba. Kunis yoo qophaa’u iddoofi yeroo murtaa’aa ta’e keessatti kan adeemsifamu ta’ee haalaan kan qindaa’uufi waanta ittiin fakkeeffamu illee achi keessatti mul’atanis hiikaafi ergaa dabarsu kan qabu akka ta’e dubbatu obbo Badhoosheen gaafa guyyaa 12/8/2011. Yeroofi bakka hundaatti kan raawwatamu miti. Itti yaadamee yoomeessa daanga’e keessatti bifa ulfina qabuun kabajama.

Yoomeessi sirna kennaa abdaarii waggaatti yeroo lama gaggeeffama. Inni duraa Ji’a Sadaasaa yoo ta’u, Inni lammataa immoo Sooma hiikkaa warra amantaa hortodoxii Ji’a Eblaa kaasee anga Caamsaa 30 tti kan gageeffamu yoo ta’u,  inni ji’a sadaasaa kan booruu gannaafi dukkana kannaa keessaa nu baafte jedhanii bakka abdaarii isaaniitti horii qaluun kan sirnnicha gaggeessaniidha. Innis,sirnni raawwiin isaa ganama erga horii yaasanii booda. Kaayyoon isaa immoo’ nagaan nuuf bari’eeraa galanni siif haata’u’ jechuudhaan abdaarii isaanii yeroo itti galateeffataniidha. Inni ji’a Ebilaa Kun immoo yoomeessi isaa galgala sa’aatii kudha-tookkoo booda sirna gaggeeffamuudha. Sababiin sirnichi galgala gaggeeffamuuf booqaa birratti nagaan baaneerraa, awwaara bonaas nagaan baaneerraa yaa abdaari amma immoo booruu ganna kana namaafi horiin nagaan nu baasi jechuun yeroo itti buna dhaabbatanii galgaleessani bakka abdaarii isaaniitti maatii hundaa wajjin sirna gaggeeffamudha.

Kaayyoon isaas, bonni darbee arfaasaa keessa jirra lafti dhiyee gara dukkanaatti deemaa waan jirruuf nagaan dukkana gannaa keessaa nuu bar'i jechuu isaaniiti. Akkasumas, barri kun dhumee gara xumuraatti waan deemuuf galgala flatan jehama.Bakka raawwiin sun itti raawwatamuuf yeroo itti raawwatamu kan of keessatti haammatudha. Kana jechuun raawwiin sirnoota duudhaa Oromoo kamiyyuu sagantaa dhaabbata mataa isaa akka qabuufi wantoonni yeroo sanatti raawwatamuu qaban akka raawwataman kan ibsudha. Kanaafuu, waan kamiifuu yoomeessa beekuun barbaachisaa ta'uusaa beekuun isa olaana. Ayyaaneffannaleen yeroo ayyaaneffatamu keessatti adeemsaafi akkaataa ittiin adeemsifamu kan qabudha. Kana yeroo jennu sirni raawwii ayyaaneffannaa kamiyyuu ka'umsa isaatii jalqabee hanga xumuraatti adeemsa qabaachuu isaa kan ittiin mirkaneessinudha.

Sirnoonni raawwii ayyaaneffannaa tokkorratti adeemsifamu kabaja kan qabu sirnoonni adda addaa kan jiru, kanneen ayyaaneffatan kan jiran ta'uus ni hubanna. Kanaafuu, sirni duudhaa kennaa abdaarii kunis sirna raawwii ayyaaneffannaa isaa keessatti adeemsa mataa isaa qabatee kan ayyaaneffatamudha. Sirnni kun waggaatti yeroo lama raawwatama.Inni tokkoffaan ji'a Sadaasaa keessa kan raawwatamuudha.Kunis, kaayyoon isaas  hawaasni ji'a kan qarshii walitti guurrachuun horii abdaariitti qalamu bitachuudhaan yeroo qalan yaa abdaarii kan booruu gannaa keessaa nu baafatee booqaa birraatti nu baafte galanni siif haata'u jechuun marga jiidhaa qabatanii dhiiga horii qalame sana addatti dibatu. Sababiin isaas, dhiigni haraarafi nageenyi akka bu'uufi bayyi akka nagaa ta'uuf dibatu.Inni biraa, foon horii Sanaa bakka jifuu hundaarraa muruudhaan ibiddatti waadanii cincessu.

Sababiin isaas, foon sun gubatee waaqa bira deemee waaqa araarsa waan jedhamuufi. Inni lammataa immoo ji'a Eblaa hanga caamsaatti sirna raawwatamuudha. Kaayyoon isaa immoo, arfaasaan akka bokkaa qulqulluu roobu,midhaan faca'e akka sirritti margu,dukkana gannaa keessa akka nagana bahan,sa'aafi namni akka nagaa ta'uuf waaqa uumaa isaanii yeroo itti kadhataniidha.Akkuma armaan olitti ibsuuf yaaletti ummatni Oromoo sirna ittiin bulmaataa ykn Amantaa ofii bakka itti gaggeeffatu keessaa muraasni bakka  naannawa laggeenii, abdaariitti yookiin malkaa, Tabba ykn tulluuwwan  fi Mukkeen gurguddaa kanneen akka birbirsa  Arbuu, Ejersa, Garbii, Oomii, Birbirsafi k.k.f jalatti wal-ga'uun sirna  kennaa abdaarii  ofii kan ittiin gaggeeffatan ykn kan taasisaniidha.  Sirni kennaa abdaarii ummata Oromoo biratti bakka waaqa isaan uume, waaqa booruu gannaa keessaa baasee waaqa booqaa birraan nu ga'e waaqa lafa uume, waaqa malkaa uume,waaqa tabba uume,kan itti galateeffataniidha.  Waaqa alaa mana,

waaqa sa’aa nama, waaqa dachee uume akkasumas waaqa samii uume, waaqa marga kana yookiin daraaraa kana magarseefi biqiltuu sana daraarse galateeffachuudha.
(maddi Obbo Badhooshee Barruu 16/5/2011 odeeffannoo naaf kenneetti).

### 4.3. Hirmaattoota Jila yookiin Sirna kennaa Abdaarii

Waa’ee hirmaattota jila kanaa ilaalchisuun akka odkennitoonni jedhanitti hirmaattoonni sirna kennaa abdaarii keessatti warren qooda fudhatan kanneen akka Maanguddootaa, ga’eessotaa, dargaggeessa, beerran, dubartoota, durba, ijoollee, daa’imman hunduu sirna kenna abdaarii irratti kan hirmaataniidha. Kana malees namoonni hawaasa kessatti kennaa adda addaa qabaachuun beekaman kanneen akka, Caffee Galeessa, Abba Gadaa, Jaarsa Biyyaafi kanneen hafan biroon sirna kennaa abdaarii irratti adda durummaan irratti hirmaatu. Sababiin isaas, Uummata Aanaa Tolee biratti sirni kun sirna waan harkaa qabaniif galateeffachuun, waan gara fulduraatti hawwan kadhaadhaan argachuuf xiqqaafi guddaa osoo hinjedhiin bakka muka / bakka abdaarii itti kadhatanitti argamuun waaqa isaanii kadhachuun qophii jiru kanneen akka nyaataafi dhugaatii jirullee kan waliin qooddatan waan ta’eef maatii hundaa wal qixa kan hirmaachisudha. Yeroo amma garuu dhaloonni qubee qaroominaan wal qabsiisuun, barnoota jechuun, aadaa, dhuudhaafi amantii walitti hidhuun hirmaattonni sirna kennaa abdaarii hir’achuun gara baduutti deemaa jira. Garuu maanguddoota buleeyyii biratti akkuma duriitti muka abdaarii isaaniitti sirnicha gaggeeffataa jiru.(Obbo Angeessaa Kootuu 10/6/2011irra odeeffannoo argateetti)

### 4.4. Gosoota Soorataafi Dhugaatii Yeroo Sirna kennaa Abdaariirratti Dhiyaatan

Aanaa Toleetti nyaata aadaa yookiin dhangaan yeroo ayyaanota garagaraa qophaa’an hedduutu argama. Isaanis: Marqaa, Dhadhaa, Foon, Qiincee, Nuugii. Daabboo, Caccabsaa, Maxinoo, Bassoo, Mulluu yookiin Shuummoo, Akaayiifi kan kana fakkaatan ni argamu. Kana malees, gosa dhugaatii kan akka daadhii, farsoo, qub-lamee, maqaa dhahuun ni dandaa’ama.

#### 4.4.1. Marqaa

Akka qorataan odkennitoota irraa odeeffannoo argateetti marqaan nyaataa aadaa Oromoo keessa tokko ta’e, kan xaafii diimaa , aajjaafi garbuurraa kan hojjetamu ta’e kan yeroo sirna kennaa abdaarii gaggeeffamu dhangaa kun gosoota midhaaniin qofa qofaatti kan qopheessaniidha. Marqaa kana yeroo marqaan akka isa yeroo manatti marqataniitti dhadhaafi barbaree walitti hin naqan. Sababiin isaas, “barbareen” nama kan gubu waan ta’eef, gubaan aadaa uummata Oromoo keessatti kan bakka hin qabneedha. Kana malees, Marqaan kan qophaa’u ayyaanota akka sirna

kennaa abdaarii, ateetee, masqalaa, yeroo da’umsaafi ayyaanota adda addaa keessatti kan qophaa’uun nyaatamuudha.

### 4.4.2. Dhadhaa

Akkuma beekamu hawaasa Oromoo Aanaa Tolee biratti lafa loon hinjirretti jireenya mijataan hin tahu.Waan kana ta’eef, hawaasichi loon isaa ni jaalata; ni faarfatas. Loowwan isaatis kunuunfachuun bu’aawwan isaanii ni fayyadama. Bu’aawwan loon irraa argaman keessaa immoo dhadhaan isa tokko dha. Dhadhaa kana uummatichi nyaataaf qofa itti hin fayyadamu; sirnoota kabajatu hedduu irratti ni muuddata. Fakkeenyaaf, kennaa abdaarii, yeroo dubartiin deessu, yeroo ayyaana kabajatu ni muudata; yommuu gaa’ela dhaabbatuufi kkf. Dhadhaan guyyaa ayyaana sirna kennaa abdaarii kan muudamuudha, jilaafi jireenya guyyaa keessatti fayyummaa uummataa, jidhinsa kan kennuudha. Kana malees, akka aadaa uummata Oromoo Aanaa Toleetti maanguddoon eebba yeroo eebbisan muudni dhihaatu dhadhaadha. Dubartiin deesse, jila adda addaa irratti, yoo dhukkubsatan kan dibatamu dhadhaadha. Kun immoo, horii yookiin saawwan akka horan, qabeenyaafi jireenyi isaanii akka qabbanaa’u itti fakkeeffama. (Maddi ObboMul’ataa maammoo Sadaasa 12,2011)

### 4.4.3. Qiincee

Qiinceen nyaata aadaa Oromoo keessaa tokko ta’ee, kan aajjaa irraa horoorfamee kan hojjetamu yoo ta’u, kunis kan qophaa’u callisee osoo hin taane, sirnoota adda addaatti, yeroo sirna kenna abdaarii, yeroo sirna gaa’elaafii kkf irratti nyaata beekamaafi ulfina qabuudha.Innis kan itti nyaatamu meeshaa aadaa ta’ee kan ogummaa harkaa suphee irraa hojjeetamu waciitii kessatti nyaatama. Gosti nyaataa kanaa nyaataa aadaa uummata Oromoo aanaa Tolee keessatti baay’ee kan beekkamuufi ayyaanota adda addaa irratti kan dhihaatuudha.

### 4.4.4. Foon

Akka qorataan odkennitoota irraa odeeffannoo fudhateetti foon gosoota nyaata jaallatamaa keessa tokko ta’ee kan yeroo sirnootaa adda addaatti horiin qaluun argamuudha. Keessumaayyu yeroo sirna kennaa abdaariitiif qalaman hoolaa , re’eefi korma ta’uu danda’a. Kun immoo sababa qalamuuf qaba. Inni tokkeeffan dhiigini achiitti qalamu sun nageenyadha. Akkasumas, foon horii qalan sanarra bakka jifuu hundaarra kutanii abiddatti naquun akka gubatu taasiisu.Kunis Fakkoommii mataa  isaa qaba. foon kun gubatee waaqa bira dhaqee nuuf araarsa yookiin araara buusa jedhamee beekkama.(Maddi Angeesaa Kootuu Bitooteessa 23,2011)

#### 4.4.5. Nuugii

Nuugiin gosa nyaataa keessaa tokko ta'e baay'naan yeroo jila yookiin sirna kennaa abdaarii nyaata qophaa'uudha. Nuugiin gurraacha waan ta'eef wantoonni gurraachaan walqabatan Oromoo biratti kabja qaban. Sababiin isaas yeroo waaqa kadhatan gurraacha maqaa garbaa leemoo garaa taliilaa jechuun waaqa isaanii kadhatu waan ta'eef yeroo sirna kanaa nuugii qopheessuun hirmaattoota hundaa caccabsanii waliin gahu.Fakkoommiin isaa immoo dukkana keessa waan hin mula'anneeti jira waaqni dhoksaadhaan yookiin icciitiin kan rakkoo keenya nuuf furuudha.(obbo Nagoo Kaffaalaa 20/08/2011)

#### 4.4.6. Buna

Bunni akkuma aadaa uummata Oromootti jila kamiyyuu keessatti kan iddoo guddaa qabu yoo ta'u, uummanni Oromoo yeroo buna dhugu amma sadeeffaatti eeggatee dhugee raawwate booda "bunaafi nagaa hin dhabiinaa" jedhee eebbisuun mallattoo nageenya maatii hawwuu keessaa isa tokkoodha. Keessummaan mana namaa yoo dhaqe, ayyaanaafi jiila adda addaa irratti buna namaaf danfisu yookiin dhaabu. Kunimmoo, kabaja yookiin safuu hawaasa sanaa agarsiisa. Gaheen buna sirnicha irratti barbaachisu nagaa maatii, fayyummaafi badhaadhina kan agarsiisuudha.

#### 4.4.7. Farsoo

Farsoon gosa dhugaatii qabu keessa tokko ta'ee, mala aadaatin garbuu yookiin boqolloofi geeshoo irraa kan hojjetamu yoo ta'u, yeroo sirna kennaa abdaarii, yeroo sirna cidha gaa'elaa fi yeroo ayyaanota adda addaa, kanneen akka ayyaana masqalaa, ayyaana cuuphaafi kkf naqamee keessummoonifi maatiin kan dhugamuudha. Akka aadaa uummata Oromoo aanaa Toleetti farsoon naqamee kan dhugamu guyyoota ayyaanaa kanneen akka: sirna kennaa abdaarii, ateetee, booranticha, sirna foollee kabajachuuf, guyyaa masqalaafi cidha kan naqamuun dhugamudha.Gaheen farsoo sirnicharratti xabatu tokkummn, gammachuufi jaalalli sirnicharra akka jiru agarsiisa. (obbo Nagoo Kaffaalaa 2/08/2011)

#### 4.4.8. Damma

Dammi ogumma harkaan gaagura dhahanii yookiin hojjetani, keessa isaa dhoqee sawwaniin lola'anii, ulaniifi fannisanii kannisni itti galtee ji'oota muraasan booda kan dammi argamuudha.Dammi guyyaa kabaja sirna kennaa abdaarii maatii warri sirna kennaa abdaarii popheesse qofti kan nyaataniidha. Kunimmoo, qophii taasisame isaanti dhiyeesse waan ta'eef jiruufi jireenyi isaanii akka damma sanaa maatii isaanitti akka mi'aawee bakka deemanitti akka

damma kanaa akka mi'aaynii akka jiraataniif itti fakkeeffama. (maddi Baqqalee Gurmeessa Caamsaa 1,2011)

### 4.5. Meeshaalee Sirna Kanarratti Dhimma Itti Bahan

#### 4.5.1 Wandaboo

Wandaboon uffatta aadaa Oromoo keessaa tokko ta'ee kan ogummaa harkaatiin jirbiirra hojjetamu yoo ta'u, yeroo baay'ee dubartoonni gurguddoo yeroo sirna kenna abdaarii, yeroo sirna kennaa ateetee, yeroo ayyaanoota beekamoo, yeroo jila adda addaafi ayyaanoota uummata Oromoo biratti beekamaa kan dubartoonni uffataniidha.Wandaboon meeshaa aadaa ulfaa waaqeffataan yeroo waaqa kadhatu, ayyaantuun yeroo waaqa qajeelfattuufi ayyaaneffattu yeroo sirna kennaa abdaarii kennatan kan uffatanii waaqa kadhataniidha. Safuu yookiin kabaja dubartooni waaqaf qabanitti fakkeeffama.(Dharraa Beenyaa Gurraandhala 29,2011)

#### 4.5.2. Waciitii

Waciitiin meeshaa uummanni Oromoo aanaa Tolee ogummaa harkaan supheerraa hojjeetan ta'ee,Yeroo sirna kennaa abdaarii, yeroo sirna da'umsaafi kkf meeshaa nyaanni beekamoon kanneen akka qiincee, buna qalaa, marqaafii kkf meeshaa itti keessatti nyataaniifi beekamaadha. Waciitiin supheerraa waan hojjetamteef dhadhaan yeroo yeroon waan itti nammuuf bifti ishee baay'ee gurraachaafi kan namatti toltudha.Fakkoommiin isaa waaqni waciitii isaa keessatti icciitiin yookiin dhoksaan nu eega jedhanii fakkeeffatu.(Obsee Baay'isaa Amajjii 15,2011)

#### 4.5.3. Gabatee

Gabateen meeshaa mukarraa ogummaa harkaatiin soofamee hojjetamu ta'ee, kan yeroo sirna kennaa abdaariitti horii qaluudhaan dhiigni horii sanaa itti naqamu yookiin itti waraabamuudha. Gabatee keessaa waraabuun hundee muka abdaariitti ittiin facaasu, namoota sirnicharratti argaman hundaa adda isaaniitti dibu. Fakkoommiin isaa immoo tokkummaa qabaadhaa, adda jabaadhaa, bakka deemtetti mo'aa jechuun waaqa uumaa isaanii kadhatu.

### 4.6. Waanta Battala dhimma itti bahan

Sirnoota aadaa Oromoo keessatti waanti battalaa barbaachisadha. coqorsi sirna kennaa abdaarii keessatti akka wanti battalaa kanitti fayyadamnudha.Wanta battalaa yoo jennu, yerooma sanatti kan naannoo manaatti argannee itti fayyadamnu jechuudha. Innis qorataan odkennitoota irra odeeffannoo kan argate akka armaan gadiiti ibseera.

**Coqorsa :** waantota battalaa keessaa coqorsi isa tokkoodha. Coqorsi marga bonaa ganna lalisaa, kan hin gogneefi hiddi isaa jabaafi lafarra dagaagu waan ta'eef, bonaa ganna akka coqorsa kanaa

jidhiinaafi hiddi warra jila kana kabajatanii akka baay'atu kan agarsiisudha. Kunis, yeroo sirni kennaa abdaarii kabajamu maanguddoonni qabatanii kan waaqa uumaa isaanii kadhataniifi eebbisaniidha. Fakkeenyaaf maanguddoonni yeroo eebbisan akka coqorsaa lafarraa loo'aa jedhu. Kunimmoo, dameen keessan haa baay'atu lafa guutaa jechuudha. Kana malees, yeroo hundaa jiidhaa lafa kana irratti lataa, lalisaa waan ta'eef, akkuma nu'i jiidhinnaafi lalisaa qabannee fuldura kee siif dhaabbanne jireenya keenya bonaa ganna nuuf lalisi, nujiisi jedhanii waan amananiifi. Fakkoommiin  coqorsi araara waaqaati, jireenya namaati. Kanaafuu, coqorsi safuufi ulfina waan qabuuf filatamaadha. (madda maanguddoo Aanaa Tolee obbo Girmaa Daandanaa 18/7/2011 )

### 4.7. Akaakuuwwan Fakkoommii

#### 4.7.1. Fakkoommii Abjuu

Fakkoommiin abjuu wantoota abjuun namatti dhufuunfi kun immoo yoo sirnichaa hin kabajii yeroo tokko dabarsite halkaan abjuu yoo namatti baay'ate namoota ayyantuu abjuu hiikuu bira deemuun  xiinxalamee hiikni kan itti kennamuudha. Yaada kana fakkaatu Freud (1963:150) "The contrast relation of this kind between adream element and its translations…as asymbolic one and the dream element it self as asymbolic of the unconscious dream thought." jechuun ibse. Haala kanaan fakkoommiin abjuu hariiroo wanta abjuun namatti mul'ateefi hiika akka fakkoommiitti ilaalamuu ti. Wantoonni abjuun namatti dhufan mataa isaaniin waan osoo hin yaadiin ta'u dha. Fakkoommiin kun ammo haala wanti abjuudhaan namatti mul'ate sun hiikaa itti kennamu qaba. Fakkeenyaaf, akka aadaa Oromoo naannoo Toleetti  abjuudhaan bishaan (garba) yoo seenan soorummaa (badhaadhinatti) fakkeeffama. Abjuudhaan kallacha yoo argatan immoo ilmoo akka argataniitti fakkeeffama. Fakkoommiin abjuu keessatti akkaataa aadaafi amantaa hawaasichaatti waan itti fakkoomu kan mataa isaa ni qaba.Kunis fakkoommiifi waan osoo itti hin yaadiin sammuu namaatti dhufu (symbol and unconscious) wajjin wal qabata. Haala kanaan fakkoommiin abjuu aadaafi amantaa hawaasa tokkoo irratti hundaa'uun bifa adda addaatiin hiika argata.

### 4.7.2. Fakkoommii Aannan

Yeroo sirni kennaa abdaarii uummata Oromoo aanaa tolee biratti sirnichaaf Aannan ni qopha'a. Akka aadaa hawaasichaatti aannan sirnichaarratti qophaa'u hiika gudda qaba.Kunis fakkoommii hawaasichii itti fakkeeffate bakka buufatuudha. Sirna kennaa abdaarii keessatti fakkoommiin aannanii ',jireenyi akka toluu' akka ta'etti fakkeeffama.Kunis namni aannan dhuge akkauma garaan isaa qabbanaa'u jiruufi jireenyi akka tolu agarsiisa. Akkasumas,tokkuummaatti fakkeeffama.Kana jeechuun yeroo sirnicha gaggeessan aannan sana walharkaa fuudhanii qodaa tokko keessaa hunatu waan ta'eef tokkuummaatti fakkeeffama.

*(Maddi odeeffannoo afgaaffii obbo Badhooshee Barruu Amajjii 2/2011)*

### 4.7.3. Fakkoommii Gingilchaa

Gingilchaan oguma harkaatiin akka aadatti migirarraa kan tolfamu ta'ee, yeroo baay'ee midhaan garaagaraa yookiin daakuu habaqii yoo qabaate ittiin adda baasuuf (soruuf) itti gargaaramu. Kanamalees yeroo sirna kenna abdaarii shuummoo yookiin mulluu bakka sanatti uummataaf ittiin qoodu. Sababiin isaas mulluun sun bishaan oo'aa waan qabuu keessa akka calaluufiidha.

Akkuma adeemsa jiruufi jireenyaa keessatti wantoota garaagaraa midhaan keessaa gingilchee adda baasuuf gargaaru, duudhaalee garaagaraa keessatti immoo akka Uuman adeemsa isaa eegee deemu, wanti Uumaan qajeelche akka milkaa'ufi kkf. agarsiisa. Waan kana ta'eef gingilchaan duudhaan akka qajeelu, rakkoon akka hiikkatu, *Uuumaan akka uumana isaa gargaaruuf garaa laafutti fakkeeffama.* (Maddi Adde Obsee Baayisaa Caamsaa1,2008)

### 4.7.4. Fakkoommii Haalluu Gurraacha

Qorataan akka odkennitoota irra odeeffannoo argateetti yeroo amma kana immoo Uummanni Oromoo keessumaayyuu Aanaan Tolee Haalluu guaracha akka ulfinaafi kabaja Waaqaatti ilaalu. Sababiin isaas, gurraacha kan isaan itti fakkeessan yookiin fakkoommiin isaa akka " waan bal'aafi guddaa ta'eetti" ilaalu.kanumarran ka'anii yeroo waaqa isaanii kadhatan " Gurraacha Maqaa Dhibbaa Leemoo Garaa Taliilaa" jedhanii waaqa isaanii kadhatu. Akka qorataan fakkoommii haalluu gurraacha odkennitoota irra odeeffannoo argateetti gurraachi waan bal'aafi guddinni isaa hammi isaa kan hin tilmaamamneef qulqulluu kan ta'e wajjiin walfakkeessu.

### 4.7.5. Fakkoommii Dhiiga

Akka Obbo Baqqalee Grmeessaa 21/7/2011 odeeffannoo naaf kenneetti Dhiigni yeroo sirnni kennaa abdaarii horiin nuti binnee qallee dhiiga abdaariifi naannoo isaatti facaafnuuuf waanta bu’uura ta’etti fakkeeffama.Innis ‘dhiigni sun araara, nageenyaafi jabeenyatti fakkeeffama’ jedha. Akkuma inni odeeffannoo naaf kenneetti dhiigni sun araara waaqaafi nama gudduutti kan taasisuufi jabeenne waliif gallee akka nuun hojii qonna kenyatti jamaannuufi nageenyi namaafi horiin akka nagaa ta’uuf bakka gudda nuuf bu’a jehan.Akkuma beekamu uummanni Oromoo uummata aadaa,dhuudha,amantiifi safuufi kkf kan qabu ta’ee yeroo sirnoota addaaddaa godhatu horii qalmaaf ta’u niqopheeffata.Haata’u malee dhiiga horii sanaaf hiika guddaa itti kenna.

### 4.7.6. Fakkoommii Muka Abdaarii

Akka qorataan Obbo Bahaaruu Hee’ii Sadaasa 20,2011 irraa odeeffannoo fudhateetti mukni abdaarii immoo kan ummanni Aanaa Tolee yeroo waaqa kadhatu,yeroo namoota walitti araarsan bakka gaaddisa muka abdaarii jala taa’u. ‘bakki kun gaaddisa waan ta’eef yoo gaddisa kan jala teenyee waaqa keenya kadhanne waaqnis sababa gaddisa kana jala teenyee kadhanneef nuuf araaram, rakkoo keenyaaf furmaata nuuf kenna jedhan .Fakkoommiin isaa bakka qulqulluufi araaraa ta’uun beekamaadha jedhu’.jedhu. Mukni abdaarii kabajamaafi kunuunsamaadha. Haalama kanaan walqabatee, mukni abdaarii namni tokko yoo koree yookiin yaabbatee damee isaa irraa murmure, namichi muka abdaarii sanaarra ni kufa, yoo kufe immoo ni du’a jedhamee beekama, akkasumas,yoo mukni kun gogogge qoraan ibiddaaf manatti fuudhanii galanii hin bobeeffatan achuma jalatti walitti qabanii yeroo sirnichaaf ol kaa’uudhaan itti fayyadamu waan ta’eef sodaataamaafi kabajamaadha.

### 4.7.7. Fakkoommii Callee

Calleen faaya dubartoonni guyyaa ayyaanaa sirna kennaa abdaarii, sirna boorantichaa , yeroo dubartootatti ciniinsuun da’umsa irratti itti cimeefi guyyaa kennata sirna ateetee mormatti kaawwatan yoo ta’u, akaakuu lamatu jira.Isaanis, callee zalalaafi abba marsaa afur kan jedhamaniidha. Kun kan kaawwatamu namni tokko yeroo sirnna kennaa abdaarii, yoo dubartiin tokko ciniinsuun itti cime kan dubartoonni gurguddoo yookiin ayyaantuunfi hawwoota beekamoofi qulqullu yoo ta’an, abdaarii isaniifi uumaa isaanii waamuun yoo kadhatanii mormatti kaawwatan dubartiin sun battalumatti ni deessi jedhameeti amanama.




Fakkii 2 ffaa kan callee agarsiisu.

Calleen kan ittiin fakkeeffamu ‘akka maariyaamiifi furtuu dhala namaatti ilaalamti ‘ sababiin isaas dhubartiin yoo da’umsa irratti cinqamte uumaa keenya waamuudhan callee yoo mormatti godheen abdaarii koo bira dhaqeen yeroon kadhu dubartiin sun battalumatti waan deessuuf maaramiin fakkeessinee ilaalla.(Maddi adde Obsee Baay’isaa 6/4/2011)

### 4.8. Haala Raawwii Sirna Kennaa Abdaarii

Gocha yeroo sirna kennaa abdaarii jechuun gochoota yeroo sirni sun adeemsifamu jalqabaa hanga dhumaatti wantoota raawwataman hunda hammata. Gochoonni kun sirna yeroo waaqa kadhaarraa kaasee anga horiin qalmaa gaggeefamutti kan raawwatuudha.

#### 4.8.1. Eebba

Eebbi Hawaasni Oromoo Aanaa Tolee sirna tokko gaggeessuun duratti oofkaltii waaqaa argachuudhaaf gosoota eebba adda addaatu kadhaa Waaqaa angafa ilaallachuun kan maanguddoota sadi’iin kan jalqabamee yeroo xumuraas kan dhiyaatuudha. Akka uummata aanaa Toleetti waaqeffattootaafi amantii waaqeffannaatti sirna kamiyyuu adeemsiisuuf duratti oofkaltii waaqaa argachuudhaaf eebbaan jalqabuun barbaachisaadha jechuun eebbaan saaqu. Yaaduma kana Maammoo Gadaa (2013:36) irratti yoo ibsu, ‘Walgahiin kamiyyuu yoo godhamu, seerri fuudhaafi heerumaa, ayyaana adda addaa kabajuuf jalqaba ta’uu kan qabu eebba waaqaati’ jedha.

Eebbi manaafi alatti kan godhamu yoo ta'u, eebbi alaa abdaarii, malkaafi tulluutti; Kana manaa, galmaafi mana dhuunfaa keessatti kan godhamuudha. Gama biroon, eebbi qaama tokkoof hawwii, nagaa, badhaadhinaafi fayyaa akka argatu, abdaarii, maqaa waaqaa (ayyaana abbaafi haadhaa) waamudhaan ergaa dabarsuudha.

Hayyee….hayyee….hayyee
Waaqa uumaa
Waaqa uumamaa
Waaqa ciicoo gurraattii
Waaqa gurraacha garaa garbaa
Leemmoo garaa taliilaa
Waaqa bakkalcha finiinaa
Waaqa salgan booranaa jedhee kadhata.

Dabalataanis sabni Oromoon akkaataa itti uumaa isaa kadhatuufi seera ittiin kadhatu yoomeesa barbaachise keessatti waaqa ittiin galateeffatu keessatti icciitii gocha waaqaafi gaarummaa waaqaa waan ittiin ibsatu qaba. Kanaaf sirnaa abdaariis ta'e sirnoota biroo gaggeeffachuun dursa waaqa isaanii kadhatu.Uummanni Oromoo waaqaafi gochaa isaa ibsuuf, Yoo eebbisu

**Hayyee…hayyee…hayyee** jechuun waaqni waan gaariifi waan badaas kan gooteef waan hundaa situ beeka, icciitiidhaan jecha hayyee jedhu keessaa eeyyeen, tole, galatoomi jechuuf jalqaba hayyee jedhanii jalqabu. Jechafi gochaa waan hunda amananii fudhachuudhaf.

**Waaqa Ciicoo Gurraattii** jechuun ammo waaqni waan hundaan Ciicoo isaa keessatti rarraafatee qabate kana hunda arguufi beekuun waan hindanda'amneef icciitii waaqaaa sirriitti hubachuun hin danda'amu waan ta'eef gurraattiin ammo wanti ciicoo waaqa gurrcha keessa jiru mul'achuu akka hindandeenyetti fakkeeffama. Qabeenya ykn olaantummaa waaqaa kana ibsuuf waaqa ciicoo gurraattii jechuun waaqeffataan eebba isaa jalqaba.

**Garaa Garbaa** jechuun waan waaqni garaa isaa keessatti qabatee jiru lakkaa'uun, ija uumaan arguufi qabeenyi isaa hedduu ta'uu isaa ibsuuf gurrcha jechuun kan waan hedduu keessatti ilaaluun hindanda'amneefi lakkaa'uun hindanda'amne dukkanaan walfakkeessanii ilaaluudha. Dukkana kana keessatti waa arguun hindanda'amu. Fakkeenya biraa Oromoon yoo dubbatu qabeenyi abaluu rifeensa mataati lakkaa'amee bira hin ga'amu, baay'inni isaa goondaa fakkaata lakkaa'amee hindhumu jedha. Kanneen kun hunduu gurraacha, kana malees, nyaarri namaa gurraacha, rifeensi mataa namaas gurraacha, wanti gurraachi yeroo hundumaa waan hunda caala qaama hunda gararraatti argama.

**Garba** jechuun ammo Bishaan ykn Haroo bakka tokkotti walitti qabamee jiru keesstti waa aarguufi lakkaa’uun hin danda’amu, bishaanis hin lakkaa’amu. **Garaa** jechuun ammoo kan lubbu-qabeeyyiin hundi nyaataafi hormaata sanyii isaanii keesstti qabataniidha. Waan keessa jiru arguun kan hindanda’amne waliin walfakkeessuun, uumama waaqni uume ilaalanii hojii isaanii maqaa isaafi gocha isaa itti moggaasanii gurraacha Garaa Garbaa jedhanii eebbisanii waammatu.

**Leemmoo garaa taliilaa** jechuun waaqni gara laafessa, qulqulluu, obsaafi uumama isaa hundaa kan jaallatuufi kan tiksu ta’uu isaa ibsuuf leemmoo garaa taliilaa jedhu.

Eebba kana keessatti ammoo, Maanguddoonni sirna kennaa abdaarii irraatti hoolaan qalmaaf yoo dhiyaate akkas jechuun eebbisa.

Horaa dalla guutaa, boba’aa bakkee guutaa!
Dheedaa barbadeessaa, dhugaa booressaa!
Kormi cirri ta’i yaabii qabadhu!
Rimaan haphee ta’i itti qabadhu!

Iji hamaan, iji goomataan isin hin argiin. Fakkoommiin Eebbi kun qajeelummaa waaqaa gara fulduraatti ta’u agariisuudha.

(Obbo Malkaamuu Daamxoo I/G/A Biiroo Aadaafi Turizimii Aanaa Tolee Sadaasa27,2011)

**4.8.2. Eebba Ayyaana Abbaafi Haadhaa Yeroo S**

Adeemsa sirna  kennaa abdaarii keessatti eebbi ni taasifama. Battala eebba eebbisan kanatti abbaan warraafi haati warraa marga jiidhaa qophaa’ee jiru kana wal cinaa dhaabbachuun harka isaanii diriirsuun ameen ameen jechuun akka eebbichi isaan gahuuf sirna harka bal’isaniidha. Kana booda akkana jedhee eebbisuun eegalchiisa.

Waaqni abbaa waaqni aayyaa
Tikaa tiksee
Kan nagaan nu bulche
Nagaan nu haa oolchu
Hamaan gargar nu haa oolchu
Sirni abdaarii sirna nagaa nu haata’u
Abdaarii keenyarra oolchee na haabulchu
Waaqni booruu ganna nu baase
Awwaara bona fayyaa keenya nu haa eegu
Barri bara nagaa nu haa ta’u

Qotiyyoon qanbaratti

Dhaltiin okoleetti

Seerri odaa seerri walaabuu

Caffee seeraa isiniif haa ta'u

Gadaan quufa gabbina! jechuun eebbisa.

(Maddi: Badhooshee Barruu (1/9/2011 )

Ergaan eebba kanaa waaqni uumama hunda uume rakkoo isinirraa haa fageessu, qootiyyoonni qonnaafi saawwan elmaman isiniif haa bulan jechuuf kan eebbifamuudha.

**4.8.3. Eebba Hawwii Agarsiisan**

Eebbi hawwii agarsiisan kun maatii warra sirna kennaa abdaarii kabajatanii nyaataafi dhugaatii qopheeffame osoo nyaachuufi dhuguun dura eebbii maatii sanaaf waaqni dhagahee alaa manaan, sa'aa namaan akka kennuuf hawwuudha. Eebbi hawwii qaban agarsiisuuf eebbisan kan armaan gadii kana fakkaata.Warri eebbifaman immoo ameen, amen…jechuun jalaa qabu.

Bulchaataa nuuf kennitanii

Abdaariin dheedhii bakka isiniif haa buusu

Saddeet sagaliin isiniif haa guutu

Guutuun guutuu isiniif haa ta'u

Sa'aa namaan isiniif haa guutu

Kan guute keessa isin oolchee haa bulchu

Gomattuu isinirraa haa kutu

Bobbaan nagaan haa galu

Gabaan nagaan haa galu

Waan qotattan isiniif haa barkatu

Sa'aa tikseen isiniif haa coru!

(Maddi: Bahaaruu Heey'ii 12,7/2011)

Ergaan eebba kanaa irratti, saddeetiin isiniif haa guutuu jechuun uummanni Oromoo Sirna Gadaan kan bulaa tureefi aangoo waggaa saddeet saddeetiin kan walharkaa fuudhaa ture waan ta'eef saddeetiin isiniif haa guutu jedhu. Kana malees, Sirna Gadaa keessatti yaa'iin sagal waan ta'eef sagaliin isiniif haa guutuu jechuun eebbisu. Dabalataanis, sa'aa namaan isiniif haa guutuu jechuun daa'immaniifi hormaata isiniif haa kennu jechuudha. Qabeenya jiru keessatti fayyaa isiniif kennee lubbuun keessan haa dheerattu jechuudha. Kan kana jibbite yookiin mortuun haa

duutu jechuudha. Kan dhimmaafi gabaa deemee gufuun osoo hin dhahiin nagaan haa galu jechuudha. Hormaatafi ijoollee isiniif haa kennu jechuun hawwii qabu agarsiisa.

Abbaan warraa baala micciiraa oole sana qixxeetti muruun, “Moraa nurraa muri!” jechaa kan harka bitaan qabatee jiru haadha manaa isaaf kenna. Yeroo kanattis “Alamiin nuuf qubadhu, fayyaan nuuf qubadhu, dhibee nurraa darbadhu” jechaa darbata . Kanaaf, alamii nuuf qubadhu jechuun nageenya, gammachuu, fayyaa nuuf kenni jechuu yoo ta’u, dhibee nurraa balleessi jechuudha.

**4.8.4. Eebba Nagaafi Qabeenyaa**

Eebbi nagaafi qabeenyaa eebbifamu kun maatii sanaaf nagaa kennee hormaanni isaanii akka qajeeluuf eebba eebbifamuudha. Warri eebbifaman immoo ameen, amen…jechuun jalaa qabu.

Abdaariin isinii haa qajeelu
Alamiin isiniif haa qubatu
Fayyaan qe’ee keessan haa qubatu
Ulaan qabbana haa ta’u
Qe’een keessan qabbana haa ta’u
Fageenyi haa dhihaatu
Abbaan warraa gulantaa
Haadha warraa barcuma
Qotiyyoo qanbaratti
Dhaltii okoleetti
Collee fardaa golatti
Waatii manatti
Awwaara bonaa nagaan isin baasee
Booruu gannaa nagaan isin haa baasu
Birraan kaadhimaa kadhimmatu
Ilkaan kolfaa dhadhaa mataatti isin haa baasu
Hababoon dhohee garaa nagaatti isin haa baasu
Fageenyaa dhihaatee
Dhiheenyaa owwaatee
Ala qabatee
Abdaariin nagaa isiniif haa kennu

Nabi qabatee firaa tiskee isiniif haa eegu

Alamiin bara saddeetii saddeettamaan

Kan bara sagalii sagaltama isinii haa ta'u

Kan seeraa isiniif haa ta'u! jechuun eebbisa.

(Maddi: Mangistuu Gonfaa 21/9/2011)

Alamiin isiniif haa qubatu jechuun nageenyi, gammachuun, fayyaan isin bira haa qubatu jechuudha. Kana malees, rakkoon qabbanaa'ee kan fagaate isinitti haa dhihaatu jechuufi. Abbaan warraa gulantaatti haadha warraa barcumatti jechuun abbaan warraas haati warraas iddoo kabaja isaanii akka taa'an, qotiyyoon qanbaratti jechuun sangaan qonnaaf waan ooluuf waanjoo jalatti sirriitti akka qotee calla gaarii argamsiisu hawwuudha. Dhaltiin okolee jalatti yoo jedhu immoo, loon dhalanii waatiifi aannaan akka kennitu, hormaanni akka tolu agarsiisuudha. Fardi uummata Oromoo biratti kabaja guddaa kan qabuufi guyyoota jilaa fardaan waan garmaamaniif fardi nagaan haa bulu jechuudha. Fardi colleen immoo onnee waan qabuuf gootummaa agarsiisa.

**4.8.5. Eebba Uumamaa ittiin kadhatan**

Abbaan warraafi haati warraa dabaree dabareen quba harkaa lamaanin eebbicha cuunfamee suphee keessa jiru tuquun maaram akka isaanii dhageessu kadhatu. Kadhaan isaaniis akka armaan gadiiti.

Abdaariin nuuf dhagahi

Waaqana nuuf dhagahi

Laftana nuuf dhagahi

Barruun nuuf toli

Faanaan nuuf toli

Jilbaan nuuf toli

Irree nuu jabeessi

Lubbuu dheertuun naa bulchi

Arraba nuu qari

Ijaan aaga nuu agarsiisi

Gurraan aaga nuu dhageechisi

Gurmuun nuuf toli! jechuun kadhatu.

Maddi: Baqqalee Gurmeessaa (16/10/2011)

Akka eebba armaan olii kun agarsiisutti uumaa dachiifi lafaa, danda’aan waan hundaa waaqa waan ta’eef nudhagahi jedhanii kadhachuudha. Akkasumas, uumama lafa kanarra jiran hunda danda’ee kan baate laafti waan hundaa baachuu waan danda’uuf gochaalee lafa kanarratta ta’an hunda nidandeessaa nudhagahi jechuudha. Itti dabaluunis, bakka deemu hunda nagaa nuuf godhi, irree nujabeessun umrii dheeraa akka jiraatan hawwan. Gurri waan gaarii akka dhageessu, ijji waan gaarii akka agartuufi afaan isaanii keessaa waan gaarii malee jechii hamaan akka hin baane kadhatu. Akkasumas, beekaa nama sodaattamaafi tokkummaan isaanii akka cimu agarsiisa.

**4.8.6. Eebba Kadhaa Waaqaa**

Eebbi kadhaa waaqaa waan hunda of harkaa kan qabu nagaan isaan oolchee nagaan bulchu bara dhufuun nagaan akka isaan gahu jechuun uumaa yookiin waaqa isaanii kadhachuudha.

Nagaan oolle nagaan nuhaa bulchu
Hamaan gargar nuhaa bulchu
Biyya nagaa nuhaa bulchu
Kunoo abdaariin kun nuuf haa tolu
Gadaan kun nuuf haa gabbatu
Kan gabbate keessa oolchee nuhaa bulchu
Abdaarii keenyaarra oolchee nahaabulchu
Gadaa kana alamiin nuuf haa nanna’u
Gadaan gabbina !… Gadaa gabbis jedhu keessummoonni.
Gadaa gabbisna…………sa’aa namaan guddadhaa
Gadaa gabbisna…………sa’aa sanyiin gabbadhaa
Akka gadaa gabbisne sa’aa namaan nuhaa gabbisu
Akka gadaa gabbisne hormaataa bultumaan nu gabbisu
Haadhafi ilmoon nu haa gabbisu jedhu.

Yeroon sirni kabaja kennaa abdaarii kun kabajamu anga waaree boodaatti waan ta’eef, waaqni nagaan isaan oolche akka nagaan dukkana kana keessa bulchu kadhatu. Barri kun nuuf haa tolu kan tole keessa akka isaan jiraachisu kadhatu. Abdaariin aanaa Tolee isiniif haatolu jechuun dubartoonni calleen faayamtee waan kadhattuuf nuuf haa tolu jechuudha. Jaarsifi jaartiin hamtuun garaa haa laafaan, barri fayyaafi nagaan nuuf haa dhufu jechuudha. Gadaan gabbina jechuun yeroo itti badhaadhinniifi nageenyi baay’atu waan ta’eef, sa’aafi sanyiin nuuf toli jechuudha. Gabbinni gadaa kun hormaataan, namaan, qabeenyaan, fayyaa haadhaafi ilmoon akka

baay'atan hawwii qaban mul'isuudha. Irra deebiin eebbi erga taasifamee booda gaayyaa abbaan warraafi haati warraa dabareen harkaan qabachuun akkas jedhu: Kana jechuun immoo hormaata sa'aafi namaa rabbi nuuf haa kennuu jechuudha. Ilmoon haadha malee waan hin tolleef isaan lamaanuu akka jiraataniif rabbi kadhachuudha. Sanyii sadeenin isin haa guddisu jechuun immoo, nama, horiifi midhaan naaf kenni jechuu barbaadeti. Sanyii sadeen koo waliin immoo nagaan nujiraachisi jechuudha. (Maddi: Angeessaa Kootuu 14/8/2011)

**4.9. Haala Qalma Sirnicharratti Gaggeeffamu**

Akka obboo Angeessaa Kootuu (01/08/2011) irraa odeeffannoo argadhetti, Abdaariin aadaa uummata Oromoo biratti beekkaman keessaa isa tokkoodha. Abdaariin kan dhalootaa dhalootatti darbaa dhufuun har'a gaheedha. Haaluma kanaan, Ummatni Oromoo ummata saba bal'aa fi ummata Aadaa, duudhaa, Amantaa fi seenaa isaa bara dheeraadhaaf , kunuunfachaa kan turee fi yeroo ammaa kanatti dhalataa ammaatti dabarfachaa kan dhufeedha. Abdaarii jechuun akka qorataan odeeffannoo obbo Angeessaa irraa argateetti, muka guddaa gaaddisa qabu ta'e, bakka namoonni uumaafi uumama isaanii abdaariin walqabsiisanii waaqa uumaa isaanii ,jiruufi jireenya isaanii, horiin akka walhoru, namni akka nagaa mana isaatii bahe nagana galu, arfaasan akka rooba qulqulluu roobu, maatiin maasiin akka nagaaa ta'u, ganna dukkana akka booqaa birraatti bahaniifi awwaara bonaa akka nagaa tahan, abdaariitti bahanii bakka itti uumaa isaanii horii qaluun, buna dhaabbachuunfi meeshaalee battalaa kanneen akka margaa,coqorsaafimidhaan baatanii deemaa jiran irraa itti qicuun yookiin abdaarii jala buusuun kadhatan abdaarii jedhama . Maqaan muka abdaariif ta'u immoo Garbii, Birbirsa, Arbuu, Oomii Sonboofi akkatuma mukkeen biro naannoo sanatti argamu ta'uu danda'a .

Horiin sirna kenna abdaariif qalmaan, kanneen akka Hoolaa,Re'eefi korma faadha. Isan kunis yeroo qalmaa hin raawwatiin dura horiin qalamufi namoonni naannoo sana jiraan ni muudamu. Muuddan sun dhadhaafi margaan maanguddoon qabee muuda. Sababiin isaas, dhadhaan qabeenya, margi qabeenya ,jidhinaafi badhaadhaina akka argataniifi akka jiruufi jireenyi isaanii qananii ta'uuf sirna kana raawwatu. Haaluma kanaan horiin sun erga qalanii booda dhiiga horii qalame san saaniitti qicuun muka hundee abdaariitti facaasuun rakko yookiin hawwii gara fulduraatti hawwan yeroo sirni kun raawwatu kan itti himataniidha. Akkasumas, dhiiguma horii qalan sana maatii hunduma adda isaaniitti dibu yookiin muudu.Muudni kunis saala addaan hin qoodu. Sababiin isaas, Miigni nageenya, haraara buusuudha, maatiin, sa'aafi naannoon akka nagaan bu'uuf sirni kennaa kun kan raawwatamuudha.



Fakkii 3  ffaa yeroo sina kennaa abdaariitiif hoolaqalan kan ji’a Sadaasaa




Fakki 4 ffaa Yeroo Sirna Abdaariif  qopii taassan (12/3/2011)

Haata’u malee,Kan isaan asitti qalaniif,bakka abdaariitti yoo qalle rakkoo keenya waaqni battalumatti nuuf dhaga’a waan jedhanii amananiifi.Erga qalanii immoo dhiiga horii sanaa mukaa abdaariitti facaasu. Sababiin isaa dhiinni sun nageenya,jabeenya waan ta’eef maatii hundaatti addatti dibu.Akkasumas,foon horii sanarraa jifuu iddoo hundaarraa muruudhaan ibidda keessaatti guggubu. Sababiin isaas kan gubate kun waaqa bira deemee nuuf araarsa jedhu.  yeroo kadhatu, yaa abdaarii  maatii koo nagaa naaf godhi, horiin koo nagaa naa godhi,  midhaan faca’e kanatti rooba gahaa nuuf roobe, biyya keenya nagaa nuuf godhi, dhukkuba hamaa irraa nuu eegdeefi kkf  jechuun abdaarii isaanitti wareeggatu. Kan kennaan kunniins Hoolaafi Re’ee keessaafi akkaataama qabeenya isaaniin buna dhaabbaachuu, shuummoo(mulluu), daabboofi mijuu   siif kenna jechuun abdaariif wareeggatu. Yoomessi sirna kennaa abdaarii waggaatti

yeroon lama kabajama. Innis, yeroo birraan bari'u namoota naannoo sana jiraatan irraa qarshii walitti qabuun korma bituun bakka abdaarii waliigalaa naannoo irraa qabaniitti maanguddootaan qalama. Kunis, sababiin qalamuuf, Abdaarii isaanii galateeffatu, kan dukkana gannaa keessaa booqaa birratti nu baafte, sa'aa namaan yaa abdaarii galanni siif haata'u jechuun dhiiga korma qalamee sana abdaariitti naquun foon korma sana immoo achumattii waadanii nyaachuun, mijuu fidan sanas achumatti qicuun dhuganii wal eebbisanii kan fuula duraas maal akka gochuu qaban maanguddoonni ni qajeelchu. Inni lammataa immoo yeroo arfaasaa yookiin yeroo soomii hiikaa ayyaana faasikaa hoolaa yookiin re'ee bifa hinqabne jechuun kan namatti hin tollle bifa cocorree, gurraachafi kkf qaluun sirna kennaa abdaarii isaani haala ho'aa ta'een kan kabajataniidha.



Fakkii 5 ffaa yeroo abdaarii jalatti buna dhaabbatan kan ji'a Ebilaa



Fakkii 6 ffaa Sirnna kennaa Abdaarii jalatti Buna dhaabbatan yeroo arfaaa suurri kun sababa gurracha'eef yoomessi isaa galgala waan ta'eef (1/9/2011)

Akkasumas, jiini seenee gaafa guyyaa tokkoo muka abdaarii jalatti shuummoo yookaan mulluu affeeluun maatiin hundinuu buna dhaabbatanii mijuu dhiyeeffatanii dhuguun abdaarii isaanii kadhatu. Kuns kaayyoon isaa: arfaasaan haala gaariin akka roobuuf, dukkana ganna nagana akka bahan, horiin, qotiyyoon waanjoo keessattii akka nagaa ta'an,dhaltii jalatti waatiin akka

guddattu, midhaan facaafataniitti rooba qulqulluu akka roobuufi seeraan margee akka sirritti barakatu, biyyi akka nagaa akka ta'ufi kkf, abdaarii isaanii waammachuun waaqa uumaa isaanii yeroo sirnichi bal'inaan itti gaggeeffamuudha.Abdaariin muka guddaa gaaddisa qabu ta'ee, maqaan mukichaa akka naannoo kanaatti irra caalaa mukeen jiran keessa muka garbii jedhamuutti abdaariitiif itti fayyadamu.Mukni abdaariin kun yoo dameen isaa gogee lafa bu'e gara manaatti fudhatanii galanii qoraan ibiddaatiif itti hinfayyadaman ni sodaatama. Goggogaan muka abdaarii walitti qabuudhan olka'me yeroo sirnichaatiif buna ittiin dhaabbatu. Mukni abdaarii kun akka mukeen biroo namni yaabbatee irraa murmuruun hindanda'amu. Sababiin isaas, ni sodaatama,ulfina qaba yoo yaabbates namni irraa kufe du'a jedhamee amanama. Yeroo sirnichaas mijuu osoo hinqammasiin itti qicama. Akkasumas, namni yoroo mijuu baatee daandii deema ta'e mijuu sanarra muka abdaarii sanatti itti qicee bira darba malee akkasiin bira darbuu ni sodaatama. Walumaa galattii Dubartoonni sirnicha kabajan uffanni isaanii adda, innis,dibbiqqoo yookaan uffata aadaarra kan hojjatame ta'e kuula gosa halluu adda addaa kan qabuufi morma isaanirratti immoo callee faayamanii sirna kanarratti meeshaalee sirnichaaf barbaachisu qabatanii abdaariin wal qabsiisanii waaqa uumaa isaanii kadhatu.

### 4.10. Gahee Sirni Kennaa Abdaarii Mirga Dubartootaa Kabachiisuu Keessatti Qabu

Akkuma sirna Gadaa keessatti dubartoonni kallacha baatanii dirree jilaa deeman sirna kennaa abdaarii keessatti gahee mataa isaanii qabu. Dubartiin sirna kennaa abdaarii keessatti olaantummaan kan hooggantuudha. Akkasumas, qabeenyafi hormaata manaa, daa'immaniitti irra caalaa itti siquun rakkoofi gaarii jiru kan sirrtti hooggantuufi kan bulchitu dubartoota.

Akka Mul'ataa Maammoo (12/03/2011) irraa odeeffannoo argadhetti, Siiqqeen mallattoo mirga dubartooni oromoo aadaadhaan qaban agarsiisu dha. Siiqqeen ulee sorooroo (qajeelaa) irraa tolfamti, mallattoo heerumaafi aangooti. Siiqqeen kabajaa, saalfii fi sodaatama guddaa qabdi. Akka ulee biroo siinqeedhaan horii hin dhayani. Seera fi ulfinaaf qabatu. Kanaaf , dubartiin siiqqee qabatte ni sodaatamti, ni saalfatamti, ni kabajamti, yoo dubartiin Siiqqee qabattee karaa irratti namatti dhufte, nama hoofkalchitu malee bira hin darbanu yookii hin qaxxaamuramu, malkaa ishii dura hin ce'amu. Dubartiin rakkate siiqqee qabattee kadhaaf karaara yoo baate waan harkaa qaban hin dhowwannu. Dabalataanis, dubartiin uffata ayyaana ateetee uffachuun siiqqee qabatte karaa deemtu takka kabaja guddaa hawaasa biraa kan qabduudha. Kana malees, dhiirronni gaafa dirree waraanatti bobba'an diinaan wal waraanu, adamoo gaafa deemu kan

eeebbistee gaggeessitu dubartoota. Kana jechuun dubartoonni milkaa'ina dhiirotaa gama hundaan jiru keessatti qooda guddaa kan qabduudha. Warri dhiiraa gaafa dirree waraana deemuu tooftaa lolaa irratti gorsa kan kennituuf dubartoota. Dubartoonni jila adda addaa irratti siiqqeefi kallacha qabachuun fuuldura deemuun milkii kan tolchituudha.

Kana malees, dubartoonni diinagdee, hawaasummaa, jiila garagaraa keessatti hirmaannaa qabdi. Sirna kabaja kennaa abdaarii keessatti dubartoonni walitti dhufuun waldhabdee hawaasa keessa jiru walitti araarsuun furu. Dubartoota dhala dhabaniifis rabbii nikadhatuuf. Adeemsi kun immoo, sirni kennaa abdaarii mirga dubartootaa kabachiisu keessatti gahee kan qabdu ta'uu agarsiisa. Itti dabaluunis, sirni kennaa abdaarii kun dubartoonni wantoota isaan ilaallataniifi jiruufi jireenya isaanii gaggeeffachuu keessatti qooda isaanii akka bahaniif mirga kan gonfachiisuudha. Walumaa galatti, sirni kennaa abdaarii  mirga dubartootaa kabachiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

### 4.11. Sadarkaa Sirni Kennaa Abdaarii Amma Irra Jiru

Uummanni Oromoo akka amantii waaqeffannaatti, ayyaana waaqeffannaa beekanii, itti amananii ayyaaneeffachuudhan dhugoomu. Waaqeffannaan akka amantiittis ayyaana ayyaaneffataman hedduu qaba: Irreecha, sirna kennaa abdaarii, ateetee, sirna buttaa qalaafi kkf dha. Waaqeffattoonnis ayyaanota kanneen beekanii guyyaa ayyaana kanaa boqochuudhan kabajatan; Ayyaana waggaa kanas ayyaaneffachuun of haaromsan; ofis humneessan. Amantiin waaqeffannaas duudhaa akkanaan qajeelfamee jireenya dhala namaafi uumamaa gaaromsa.

Haa ta'u malee, akka Badhooshee Barruu (19/07/2011) irraa odeeffannoo argadhetti, ayyaanni sirna kennaa abdaarii kan dur irra turerraa karaalee hedduun jijjiiramee jira. Isaanis, meeshaalee faayaafi kan dhangaa itti qopheessan, dhangaa, adeemsa itti kennamuufi ilaalcha namootaa yookiin dhiibbaa gama amantii biroon irra gahuudha.

Meeshaalee ulfoo sirna kennaa abdaarii keessatti dhimma itti bahamu kanneen akka: callee, kallacha, caaccuu, siinqeefi kkf irraanfatamaa kan dhufan ta'uu isaati. Kanneen hanga ammaa itti fayyadamaa jiranillee boca isaanii jijjiirrachuun haala biroon hojjetamanii jiru. Dhangaan sirna kennaa abdaariif qophaa'us, guutummaatti haala duraaniin kan dhihaataniifi meeshaaleen itti dhihaatanis haala duraatin kan argaman miti. Gama biroon, adeemsi sirna kennaa abdaarii itti gaggeeffamu jijjiirachaafi irraanfatamaa kan jiraniidha. Sababni isaammoo, sirna kana warri karaa qajeeelchanis ta'ee, warri beekan amantii biroon waan liqinfamaa dhufaniif qixa sirriin

hojiirra oolchaa hin jiran. Sirni kennaa abdaarii afaanin dhalootaa dhalootatti darbaa waan dhufeef karaalee isaanitti fakkaaten dabarsaa jiru.

Dhumarratti, sirna kennaa abdaarii irratti dhiibbaan gama amantii alagaatin dhufan ilaalchisee, kabajni sirna kennaa abdaarii akka waan seexana galateeffatanitti ilaaluun uummata yaada dogongoraa qabsiisan. Sirni kennaa abdaarii seexanaaf wareeguudha yaada jedhu waan kaasaniif meeshaalee ulfoofi duudhaan Oromoo dagatamanii jiran.

**Gabatee 2 ffaa Cuunfaa Yoomeessa Sirna Kennaa Abdaarii**

| **Lak k.** | **Yoomessa sirnicaa** | | **Sababa filatamee daangeffameef** |
|---|---|---|---|
| | **Yeroo** | **Bakka** | |
| 1 | Arfaasaa (Eebla-caamsaatti) | Naannoo mana ta'ee muka jalatti | Arfaasaan akka bokkaa qulqulluu roobu,midhaan faca'e akka sirritti margu, dukkana gannaa keessa akka nagana bahan, sa'aafi namni akka nagaa ta'uuf waaqa uumaa isaanii yeroo itti kadhataniidha.Sirnii kennaa abdaarii ji'a eeblaa hanga Caamsaatti gaggeeffamu immoo galagala raawwata sirnichi. Sababiin isaas,ji'a Eebilaafi Caamsaa yoo fudhanne ji'oonni kun gara xumuraa waan ta'eef sirnichis arfaasaan akka nagaan roobuuf, akka ganna dukkana nagaan bahan barri kun xumuramaa waan jiruuf galgala kanaaf gaggeeffama. |
| 2 | Birraa (Sadaasaa keessa) | Naannoo mana ta'ee muka jalatti | yaa abdaarii kan booruu gannaa keessaa nu baafatee booqaa birraatti nu ceesifte sa'aa namaan galanni siif haata'u jechuun marga jiidhaa qabatanii dhiiga horii qalame sana addatti dibachuun waaqa uumaa isaanii yeroo itti kadhataniidha. Sirni kennaa abdaarii ji'a sadaasaa raawwatamu ganama erga horii yaasanii booda, sababiin isaas birraan ganama barri kun reefuu waqtii qannarra gara birratti waan ce'eef sirnichi ganama daggeeffama. |

Gabatee 3 Akaakuuwwan Fookloorrii haala gabaaban hiika isaanii waliin ibsu

| **Lakk** | **Akaakuuwwan Fookloorii** | **Haala Sirni kennaa Abdaarii Keessatti mul'atu** |
|---|---|---|
| 1 | Afoola | Eebba abbaafi haadhaa, eebba hawwii agarsiisu, eebba uumaamaa , eebba nageenyaafi qabeenya agarsiisuufi kkf. |
| 2 | Aartii Duudhaa Hawaasaa | Yeroo sirna kennaa abdaarii raawwatan daa'imman yeroo isaan jeeqan mallatoo callisaa, dhiisaa deemaafi kkf mallattoo sochii qaaman harkaan agrsiisuu. |
| 3 | Duudha Hawaasaa | Haala lufinsa sirna kennaa abdaarii, namoota wal lolan araarsuufi kadhaa waaqaafi kkf. |
| 4 | Meeshaa Aadaa | Meeshaalee nyaata keessatti nyaatan kanneen akka waciitii,gingilchaa. Uffata aadaa,wandaboo.callee, gabateefi kkf. |

Gabatee 4 Maqaalee mallattooleefi hiika fakkoommiiwwanii

| **T.L** | **Maqaa Mallattoolee** | **Yeroo sirna kennaa abdaarii gaggeessan** | **Hiika Fakkoommiiwwanii** |
|---|---|---|---|
| 1 | Aannan | ✓ | Jireenya gaarii akka jiraatan (akka qabbana’an) |
| 2 | Abjuu | ✓ | Hawwii yaada jiruufi jireenyaa |
| 3 | Buna | ✓ | Fayyuummaa,nageenyafi badhaadhina |
| 4 | Callee | ✓ | Ulfoo(akka maariyaamiitti )furtuu dhala namaa |
| 5 | Coqorsa | ✓ | Hormaanni akka baay’atu |
| 6 | Dhadhaa | ✓ | Milkii qajeelfachuu, uumaa kadhachuuf |
| 7 | Dhiiga | ✓ | Araara,nageenyafi jabinaatti ilaalama. |
| 8 | Damma | ✓ | Jaalala maatiifi biyyaa argachuuf |
| 9 | Foon | ✓ | Araara waaqa bira geessa |
| 10 | Gabatee | ✓ | Tokkummaafi mo’icha |
| 11 | Gingilchaa | ✓ | Uumaan akka rakkoo nurra balleessu |
| 12 | Gurraacha | ✓ | Waan ulfina qabuufi waan isaa kan dhoksaan nama fayyadu |
| 13 | Muka Abdaarii | ✓ | Bakka furmaataafi araaraa |
| 14 | Nuugii | ✓ | Icciitiin nama gargaaruu |
| 15 | Qiincee | ✓ | Ciminaayookiin jabeenya |
| **16** | Waciitii | ✓ | Dhoksaan qabachuu |
| **17** | Wandaboo | ✓ | Ulfina waaqaa,safuu dubartoota |

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kana jalatti dhimmoonni sadii xiyyeeffannoo argateera. Isaanis: cuunfaa, argannoofi yaboo of keessatti kan hammatedha.Qabxiiwwan kunneen sadanuu duraaa duubaab akka armaan gadiitti dhihaatu.

## 5.1 cuunfaa

Sabni kamiyyuu haala jiruufi jireenya isaa keessatti haala ittiin dhugeeffatu qaba. Akka amantii waaqeffannaatti wanti dhugeeffatamu uumaafi safuun waaqaa akka hin cabne eeguudha. Adeemsa kana keessatti uummanni Oromoo ayyaana mataasaa kan kabajatu, eenyummaa isaa kan ibsu qaba. Ayyaanota uummanni Oromoo kabaju keessaa ayyaanni  sirna kennaa abdaarii isa tokkoodha.

Haaluma kanaan, kaayyoon qorannoo kanaa adeemsa sirna kennaa abdaarii qaacceessuudha. Qorannoo kana keessatti adeemsi sirna kennaa abdaarii maal akka fakkaatu, meeshaalee barbaachisan, hirmaattotni sirna kennaa abdaarii eenyufaa akka ta'an, Yoomessa sirni kennaa abdaarii itti kabajamu, Fakkoommiiwwan sirna kennaa abdaarii keessatti argaman,firiiwwan fookloorii qorannoo kana keessatti argaman qaacceessuu,gahee sirni kennaa abdaarii mirga dubartootaa gama siyaasaan kabachiisuu keessatti qabu  maal akka ta'e qaaccessuun ibsuudha. Dabalataanis, sadarkaan sirni kabaja kennaa abdaarii yeroo ammaa irra jiruufi barbaachisummaa kabajni  sirna kennaa abdaarii qabu ibsuudha.

## 5.2 Argannoo

Qorannoo kanarraa qoratichi argannoowwan armaan gadii argateera.

- ✓ Sirni kennaa abdaarii uummata Oromoo Aanaa Tolee biratti yeroofi safuu eegee kan raawwatamuudha.
- ✓ Dhiinni horii abdaarii jalatti qalamu uummata biratti faayidaa qabaachu.
- ✓ Hirmaattoonni sirna kennaa abdaarii akka Aanaa Toleetti saalaafi umurii kan hin daangeessine ta'u isaa.
- ✓ Sirna kennaa abdaarii irratti meeshaaleen ulfoo ta'aniifi dhangaan aadaa gosa adda addaa qophaa'u isaa.
- ✓ Fakkoommii meeshaalee sirna kennaa abdaarii keessatti fayyadaniifi haala itti qophaa'an adda ba'ee hubatamuu isaa.

### 5.3 Yaboo

Adeemsa qorannoo kana keessa sirni kennaa abdaarii haala akkamiirra akka jiru ilaaluun dandaa'ameera. Haaluma kanaan, argannoowwan qorannichaan bira gaa'aman irratti hundaa'uun haala walii gala sirna kennaa abdaariirratti yaboon qoratichaan argaman kanneen armaan gadiiti.

- Kabajni sirna kennaa abdaarii qoratamee osoo waraabamee ta'ee.
- Hawaasni Aanaa Tolee sirni kennaa abdaarii duudhaa ganamaa kan isaa ta'uu beekee eenyuu olitti kunuunsuu qaba.
- Qorattoonni garagaraa sirna kennaa abdaarii kallattii adda addaatin irratti hojjechuu, beeksisuufi guddisuun gahee isaanii osoo beekanii.
- Ilaalchota hordoftoonni amantaa biroo sirna kennaa abdaarii irratti qaban sirraa'ee akka duudhaa uummatichaatti fudhatamee osoo kunuunfamee gaarii ta'a.
- Duudhaa boonsaafi kabajama ta'e kana haala itti fufiinsa qabuun tursuuf kitaabilee barnootaa keessatti haala gahaa ta'een hammatamee akka barsiifamu taasisuun barbaachisaadha.
- Biiroon aadaafi Turizimii Aanaa Tolee sirna kennaa abdaarii kana beeksisuufi kunuunsurratti hojiilee gadi fageenya osoo hojjechuu danda'ee.

**Wabii**


Addunyaa Barkeessaa. (2011**).** *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo.* Finfinnee: Oromiyaa

Alamaayyoo Hayilee. (2007)**.** *Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa*. Finfinnee.

Bartels, Lambert, (1983). *Oromo Religion***:** *My this and Rite of the Western Oromo Ethiopia*. Berlin Dietrich Reinner.

Bascom,W.(1992). *American Folklore in the New world Blooming to And Indiana polis:*Indiana University press

Berg B. (2001).*Qualitative Research Methods for Social Science*. California: California State University, Long Beach.

Bukeenya A.(1994). *Understanding Oral literature*. Nirobi University press.

Creswell,J.W. (2003). *Design: Qualitative, quantitative and Mixed Methods Research Approaches (2nd ed.)*. Sage Publication Inc.

Dastaa Dassaalany .(2002). *Bu'uura Qorannoo*.Finfinnee Dhaabbata Maxansaa Boolee.

__________.2013. *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Far East.

Delesa Guddisaa. **"***The Role of Gada Centers in Conflict Resolution Among the Kutaye Oromo of Western Shoa: A Special Reference to Booku Cittu*". AAU: School of Graduate Studies Department , 2008.

Dirribii Damisee. (2012).*Ilaalcha Oromoo* . Finfinnee: Printing and Publishing'S.C

__________2009**.** *Ilaalcha Oromoo: Barroo Aadaa Seenaafi Amantaa Oromoo*. Finfinnee: D.G. Printing and Publishing Enterprise

Dorsan, Richard Mercer. (1972). *Folkore and folklife*: An introduction Chicago: The University Of Chicago press.

*Encyclopedia American .(1995). Vol ll USA.* Grolier Incroparated.

Fekade Azeze.(1991). *Introduction to oral Litereture* Artistic Printing Enterprise.

Freuds.(1963). *Introductory Lecture On psycho-analysis*. London: Hogarth Press.

Gadaa Belbaa.(1988**).** *Oromia Introduction,* Khartoum.

Goldestin's Kenneth. (1964). *A Guide for Field Worker In Folklore.* Hatboro: Folklore Associates Inc.

Hinseenee Mokiriyaa .(2010). *Gaachana Kormaa*.Addis Ababaa :printed by for East plc.

H.W. Fowler and F.G. Fowler. (1990). *The Cocise Oxford Dictionary of English Current 8th Ed. USA.* Charendon Press.

Imaanaa Bayyanaa.(2007).”Qaacceessa Qabiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo Naannoo Shawaa “ Finfinnee.

Iristee Akkawaaq.(2012).”Qaacceessa Sirna Lufiinsa: Raawwii Da’umsaa Godina jimmaa Aanaa Maannaa”*AAU*. Waraqaa Qorannoo MA kanhinmaxxanfamne.

Iseacs, Alan (1981). *The Macmillan Encyclopedia*. USA: Laurence Urdang Associates Ltd.

Kumar, R .(2005). *Research Methodology*. Pearson Education Australia.Wallensteen P.London and New York: Routledge Publishing Company.

Maammoo Gadaa (2013). *Duudhaa:* Hy International Finfinnee

Maatii Sabaa (2006). *Daaniyaa*. Finfinnee, Oromiyaa

Malaaknah Mangistuu.(2006).*Fundamental of Literature***:**Addis Ababaa:Addis Ababaa University.

_________________ .(2006***).*** *Fundamental of Literature 3rd*. Addis Ababa: A.A.U. Press.

Mangesha Rikitu.(1992).Oromo Folk-tales for a new generation.London.

Misgaanuu Gullummaa. (2011). *Dilbii:* Finfinnee : Subi printing press.

Misiraach Geetachoo.(2012). “Kabaja Ayyaana Gannii Facaasuu (Ateetee Loonii)” :Yuunivarsitii Finfinnee

Muhaammad Jamaal (2015). “Qaaccessa Raawwii Sirna Hoodaa Oromoo Arsii”: Yuunivarsitii Finfinnee.

Mulugeta Nagassa .(2014). “Documantion and analysis of Retual Performance of Sera Gada Among Karrayu Oromo”(PhD) Dissertation, AAU.

Nunan, D .(1992). *Research Methods in language learning* .Cambridge: Cambridge Univeersity press.

Okpewho,Isidore,(1992). *Africa Oral Literature*:*Back ground,character and continuity Bloomington and Indianapolis:*Indian University press.

Punch. F. .(1998). *Introduction to Social Research* . New Delhi Sage Publication Indian put.Ltd.

Rappaport, Roya. (1992). *Ritual***.** Foklore, Cultural Performance, and Popular entertainment. Ricard Bowman. New York: Oxford University Press.

Sims and Stephen (2005). *Living Folklore: An Introduction to Study of People on their Traditions*.Longanutah University press.

Tilahun Gamta. (1989). *Oromooo English Dictionary*. Addis Ababa. AAU .

Ulrich, Homer. (1984).*Encyclopaedia Americana* (vol.19).Grolier Inc.Danbury,USA.

Warkineh Kalbessa. (2001). *Traditional Oromo Attitudes towards the Environment: An Arguament for Envoronmentally Sound Development: Organization for Social Science* Research in East and South Africa (OSSREA).

.

**Dabalee -A**

Yunvarsiitii Finfinnee

Kolleejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanotaa,Joornaalizimii fi Quunnamtiitti

Muummee Afaan Oromoo.Ogbarruufi Fookiloorii

Afgaaffii dhuunfaa dhimmoota Sirna kennaa abdaarii keessatti raawwataman bu'ureeffachuun odimootaaf qophaa'e.

[A] Odeeffanno Waa'ee Odimootaa

Maqaa____________________________

Saala: dhi dha

Bakka Jireenyaa: Ganda________Aanaa_______Goodina_________

Gahee Hojii__________________________

[B] Afgaaffiiwwan

Raagaalee odefkennitoota irraa funaannaman kan agarsiisu.

1. Abdaariin maali?

2. Abdaariin maaliif kabajama?

3. Hirmaattoonni sirna kennaa abdaarii eenyu fa'a?

4. Sirni kennaa abdaarii yoom raawwatama?

5. Sirna kennaa abdaarii kabajuuf maaltu barbaachisa?

6. Adeemsa sirni kennaa abdaarii maal fakkaata?

7. Sirni kabaja kennaa abdaarii yeroo amma maal fakkaata?

8. Gahee sirni kennaa abdaarii mirga dubartootaa kabachiisuu keessatti gama siyaasaan qabu maal fakkaata?

9. Meeshaaleen yeroo sirna kennaa abdaarii itti fayyadaman hiika akkamii qabu?

**Yunvarsiitii Finfinnee**

**Kolleejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanotaa,Joornaalizimii fi Quunnamtiitti**

**Muummee Afaan Oromoo.Ogbarruufi Fookiloorii**

Ragaalee Mirkaneeffannoo Namoota Odeeffannoon Irraa walitti Qabame.

| T.L | Maqaa Odimtootaa | Saala | Umrii | Teesso o/Aanaa | Hojii Isaa/Ishee | Guyyaa Odeeffannoon Funaaname |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Angeessaa Kootuu | Dhi | 68 | Tolee | Qonnaan bulaa | 10/6/011,23/7/011,1/8/011, 14/8/2011 |
| 2 | Badhooshee Barruu | Dhi | 65 | >> | Caffee galeessa | 18/3/011,2/5/011,16/5/011,16/7/011,1/9/011 |
| 3 | Bahaaruu hee'ii | Dhi | 47 | >> | Qonnaan bulaa | 20/3/011,12/7/011,21/7/2011 |
| 4 | Beektuu Beenyaa | Dha | 40 | >> | Qonnaan bulaa | 2/7/011,16/8/011,1/9/2011 |
| 5 | Birruu Kaffalaa | Dhi | 38 | >> | Qonnaan bulaa | |
| 6 | Dharraa Bareechaa | Dha | 50 | >> | Qonnaan bulaa | 29/6/2011 |
| 7 | Girmaa Dandanaa | Dhi | 40 | >> | Qonnaan bulaa | 18/7/2011 |
| 8 | Malkaamuu Daamxoo | Dhi | 51 | >> | I/G/W/A/ Turizimii | 27/3/2011 |
| 9 | Mangistuu Gonfaa | Dhi | 48 | >> | I/G/A W/A/ Turizimii | 21/9/2011 |
| 10 | Mul'ataa Maammoo | Dhi | 55 | >> | Qonnaan bulaa | 12/3/2011,19/3/2011 |
| 11 | Nagoo Kaffaleny | Dhi | 49 | >> | Qonnaan bulaa | 2/8/2011, 20/8/2011 |
| 12 | Obsee Baay'isaa | Dha | 55 | >> | Qonnaan bulaa | 6/4/2011, 1/9/2011 |

**Dabalee B**

Fakkii gaafa guyyaa 10/6/2011 odeeffannoo obbo Angeessaa kootuu irra fudhatame



Fakki odeeffannoo gaafa guyyaa 18/3/2011 obbo Badhooshee barruu(Caffee galeessa) irra fudhatame



## Dabalee C

Daawwannaa Sirna raawwii kennaa abdaarii Godina Showaa Kibba Lixaa Aanaa Tolee bara kuma lamaafi kudha tokko yoomeessa isaa suura armaan gadii irratti dhiyaateera.




Yoomeeessi suura armaan olii kun baatii Caamsaa gaafa guyyaa 1/9/2011 kan gaggeeffame yoo ta’u, innis bakka abdaarii obbo Kaffalaa Maammoo ta’ee, galaga keessa sa’aati 10:30 n booda muka abdaarii jatatti kan sirnichi raawwatameedha.

**Dabalee D**

Suurri armaan gadii mul'atu kun sirna kenna abdaarii gaafa guyyaa 12/3/2011 baatii Sadaasaa keessa abdaarii qe'ee Obbo Mul'ataa Maammootti kan gaggeeffameedha.





**Dabalee E**

**Eebba Ayyaana Abbaafi Haadhaa ittiin kadhatan**

Waaqni abbaa waaqni aayyaa

Tikaa tiksee

Kan nagaan nu bulche

Nagaan nu haa oolchu

Hamaan gargar nu haa oolchu

Sirni abdaarii sirna nagaa nu haata'u

Abdaarii keenyarra oolchee na haabulchu

Waaqni booruu ganna nu baase

Awwaara bona fayyaa keenya nu haa eegu

Barri bara nagaa nu haa ta'u

Qotiyyoon qanbaratti

Dhaltiin okoleetti

Seerri odaa seerri walaabuu

Caffee seeraa isiniif haa ta'u

Gadaan quufa gabbina! jechuun eebbisa.

**Dabalee F**

**Eebba Uumamaa ittiin kadhatan**

Abdaariin nuuf dhagahi
Waaqni nuuf dhagahi
Lafti nuuf dhagahi
Barruun nuuf toli
Faanaan nuuf toli
Jilbaan nuuf toli
Irree nuu jabaadhu
Lubbuu dheertuun nuu bulchi
Arraba nuu qari
Ijaan aaga nuu agarsiisi
Gurraan aaga nuu dhageechisi
Gurmuun nuuf toli! jechuun kadhatu.

## Dabalee G

## Eebba Nagaafi Qabeenyaa

Abdaariin isinii haa qajeelu
Alamiin isiniif haa qubatu
Fayyaan qe'ee keessan haa qubatu
Ulaan qabbana haa ta'u
Qe'een keessan qabbana haa ta'u
Fageenyi haa dhihaatu
Abbaan warraa gulantaa
Haadha warraa barcuma
Qotiyyoo qanbaratti
Dhaltii okoleetti
Collee fardaa golatti
Waatii manatti
Awwaara bonaa nagaan isin baasee
Booruu gannaa nagaan isin haa baasu
Birraan kaadhimaa kadhimatti
Ilkaan kolfaa dhadhaa mataatti isin haa baasu
Hababoon dhohee garaa nagaatti isin haa baasu
Fageenyaa dhihaatee
Dhiheenyaa owwaatee
Ala qabatee
Abdaariin nagaa isiniif haa kennu
Nabi qabatee firaa tiskee isiniif haa eegu
Alamiin bara saddeetii saddeettamaan
Kan bara sagalii sagaltama isinii haa ta'u
Kan seeraa isiniif haa ta'u! jechuun eebbisa.